

# AFAAN OROMO

Akka Afaan Lammaffaatti  
Kitaaba Barattootaa

KUTAA 9

RIPPAABLIKA DIMOOKIRAATAWAA FEDERAALAWAA  
ITOOPHIYAATTI MINISTEERA BARNOOTAA

Gatii Qarshii 186.00



AFAAN OROMOO

AKKA AFAAN LAMMAFFAATTI

KITAABA BARATTOOTAA KUTAA 9



Ministeera Barnootaa



# AFAAN OROMOO

Akka Afaan Lammaffaatti  
Kitaaba Barattootaa

Kutaa 9

RIPPAABLIKA DIMOOKIRAATAWAA FEDERAALAWAA  
ITOOPHIYAATTI MINISTEERA BARNOOTAA



# KITAABA KANAAF OF EEGANNOO CIMAA TAASISI



Kitaabni kun qabeenya biyya keeti. Qabeenyi biyya kee ammoo, kan keefi kan obbolaa kee, akkasumas kan dhaloota si booda dhufuuti. Kanaafuu, hunduu itti fayyadamuu akka danda`utti akka hinmiidhamnef of eeggannoo gochuufiin gahee keeti. Kanaafis, yaadoleen armaan gadii si gargaaru.

- Kitaabicha gaazexaa, waraqaa, laastikaafi wkf gonfi.
- Kitaabicha yeruma hunda bakka qooraafi qulqullina qabu kaa'i.
- Yeroo fayyadamtus harki kee qulqulluu ta'uu mirkaneeffadhu.
- Qolas ta'e keessa kitaabichaatti hinbarreessiin.
- Dubbistee bakka geesse mirkaneeffachuu yoo feetellee, cittuu waraqaa, ykn kaardii qulqullina qabutti fayyadami.
- Fuula kitaabichaa tarsaasuun ykn fakkii kutanii keessaa baasuun dhorkaadha.
- Fuulli tarsa'ellee yoo jiraate suphi.
- Kitaabicha yeroo korojoo kee keessa keessuufi keessaa baaftu, akka hintarsaane of eeggadhu.
- Yeroo namoota biraatiif ergiftullee of eeggannoon akka qaban akeekkachiisi.
- Kitaaba haaraatti gargaaramuu yoo jalqabdu, dugdaan minjaala irraatti dubbisturra kaa'i. Sana booda, fuula muraasa banuun xiqqoodhuma hanga barreeffama fuulicharra jiru dubbisuu dandeessutti banuun gargaarami. Fuula bante garmalee harkisuun qola isaas ta'ee, fuula kitaabichaa miidhuu waan danda'uuf, akka ija keetti eeggadhu.



# AFAAN OROMOO Akka Afaan Lammaffaatti Kitaaba Barattootaa

## Kutaa 9

### Barreessitoota:

Addunyaa Barkeessaa (PhD)

Alamaayyoo Faqqadaa (PhD)

### Gulaaltota:

Asafaa Tafarraa (PhD)

Taarikuu Simee (PhD)

Taayyee Guddataa (PhD)

### Ogeessa Saxaxaa:

Gammachuu Biraanuu (M.Sc.)

### Ogeessa Fakkii:

Nagaasaa Biraanuu (PhD C.)

### Madaalaa:

Nagaasaa Hundee (M.A.)



RIPPAABLIKA  
DIIMOKIRAATAWAA  
FEDERAALAWAA ITOOPHIYAATTI

MINISTEERA BARNOOTAA



HAWASSA UNIVERSITY

© Rippaablika Diimokiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaatti  
Ministeera barnootaa maxxansa jalqabaa Bara 2014/2022

*Mirgi hunduu seeraan eeggamaadha. Hayyama barreeffamaan abbaa mirgaarraa kennamuun ala, gamisa ta'ee guutummaa kitaaba kanaa irraa hir'isuun, itti dabaluuun, gamisaan, ykn guutummaatti maxxansiisuun, waraabanii raabsuun dhimma dhuunfaafis ta'ee hawaasaaf oolchuun dhorkaadha. Kanaafuu, hayyamni seeraan osoo hinkennamiin gochaawwan kanarratti bobba'uun seeraan nama gaafachiisa. Labsii Gaazexaa Nagaariita Federaalaa lak.410/2004, Labsii Ittisa Mirga Abbentaafi Kanneen Isaan Hidhata qaban, Waggaa 10<sup>ffaa</sup>, Lak.55, Finfinnee, Adoolessa 12, 1996 ( July 19, 2004).*

# BAAFATA

Seensa	V
Boqonnaa 1: Beekumtaa	1
Boqonnaa 2: Kornayaa	10
Boqonnaa 3: Saayinsiifi Teekinooloojii	20
Boqonnaa 4: Dhibee Koronaa	28
Boqonnaa 5: Deeggarsa Addaa	38
Boqonnaa 6: Jijjiirama Qilleensaa	48
Boqonnaa 7: Tokkummaa Addaddummaa Keessaa	58
Boqonnaa 8: Barnoota Qaraxaa	68
Boqonnaa 9: Gootummaa	76
Boqonnaa 10: Asoosama Gabaabaa	84

## Seensa

Afaan meeshaa wal-qunnamtiifi ibsituu eenyummaa ta'uun shoorri inni jiruufi jireenya hawaasa tokkoo keessatti qabu ol-aanaadha. Kanaafuu, hawaasicharraa addaan ba'ee bu'aa buusuu hindanda'u. Guddinni afaaniis guddina hawaasaa bu'uureffata. Jiruufi jireenya hawaasaa saayinsiifi teeknooloojiin wal-qabsiisee guddina fiduu kan danda'us barnootaan, bulchiisaan, siyaasaafi kkf yoo hojiirra oole qofa.

Afaan Oromoo afaan hojii federaalaa ta'uun akka baratamu ta'uun isaa yeroo jalqabaafi. Kanaafuu, kitaabni kun qabiyyee barbaachisoo ta'an barattoota biraan gahuuf hamma danda'ametti of eeggannoon kan qophaa'edha. Kaayyoon isaa inni guddaanis barattoonni Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan afaanichaan ga'umsa ogummaa afaanii hunda akka qabaatan gochuudha. Ogummaaleen kunis, ogummaawwan dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuu, barreessuu, fayyadama jechootaa, caaslugaafi ogbarruu kan ofkeessatti hammatudha. Kaayyoowwan kana galmaan ga'uufis barannoowwaniifi gilgaalonni garaagaraa dhiyaatanii jiru. Haalli dhiyeenya gilgaalota kanaas kallattiidhaan jiruufi jireenya guyyuu barattootaa giddu- galeessa kan taasifateefi akka isaan dammaqinaan irratti hirmaatan kan kakaasudha.

Milkaa'ina kaayyoowwan barnoota kanaatiifis adda dureen shaakala walirra hincinne gochuu kan qabu barataa/ttuu waan ta'eef/ taateef, atis haala qabatamaa naannoo keetiin waliin qabsiisuun ga'ee sirra eegamu taphachuun mirgaafi diqama keeti.

# Boqonnaa 1: Beekumtaa

## Kayyoowwan

### Xumura boqonnaa kanaatti:

- ✎ barruu siif dhiyaate dhaggeeffattee deebii nikennita;
- ✎ yaada tokko tokkoo keeyyata barruu dhiyaatee afaaniin ni'ibsata;
- ✎ yaadannoo qabatte qindeessuun nibarreessita;
- ✎ jechoota hiika walfakkii isaaniitiin firoomsita;
- ✎ jechoota saglaee laafaafi jaba qabaniin hima ijaarta;
- ✎ garee jechoota Afaan Oromoo adda baafta.

## Barannoo 1: Dhaggeeffachuu



### Gilgaala 1

**Dubbisa siif dhiyaatu dhaggeeffachuun dura gaaffilee asii gadii gareedhaan mari'adhaatii afaaniin dareef ibsi.**

1. Kunuunsi naannoo, eegumsi bosonaafi qonni akka aadaa naannoo keetti akkamiin raawwatamu?
2. Beekumtaan fakkii dhiyaateen walfakkaatu naannoo keetti beektuu maal fa'i?
3. Waa'ee beekumtaa maal maal beekta?

## Maalummaa Beekumtaa



### Gilgaala 2

**Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa ‘dhugaa’ yookaan ‘soba’ jechuun deebisi.**

1. Beekumtaan beekumsa hawaasaa yeroo dhiyoo dhufedha.
2. Beekumtaan tooftaa ittiin hawaasni jireenya ofii jiraatudha.
3. Faayidaaleen beekumtaa murteessoon lamadha.
4. Beekumtaan bu’aa saayinsii ammayyaati.
5. Dhukkuboota adda addaaf furmaanni Saayinsiidha malee beekumtaa miti.



### Gilgaala 3

**Dubbisa dhaggeeffatte irratti hundaa’ii deebii kee barreessuun afaaniin dareef dhiyeessi.**

1. Beekumtaa jechuun maal jechuudha?
2. Biyya kana keessatti beekumtaa gurguddoon jiran maal fa’i?

3. Faayidaaleen beekumtaa maal fa'i?
4. Beekumtaan akkamiin jireenya namootaaf gumaacha?
5. Hawaasni beekumtaa hinqabne jiraa? Akkamitti?
6. Beekumtaan naannoo ati jiraattu kanatti beekamaa ta'e maali?

## Barannoo 2: Dubbachuu



### Gilgaala 4

**Yeroo darbe barruu 'Maalummaa Beekumtaa' jedhu dhaggeeffattee jirta. Har'a immoo waanuma dhaggeeffatte irratti bu'uurtee yaada kee dubbatta.**

1. Faayidaa beekumtaan hawaasaaf qabu yaada kee sababaan deeggaruun hiriyoota keef ibsi.
2. Sheekkoon beelladootaa akkamiin beekumtaa keessaa tokko ta'e?
3. Sheekkoo tokko kan naannoo keetti dhageessee beektu dareetti himi.

## Barannoo 3: Dubbisuu



### Gilgaala 5

**Osoo dubbisatti hinseeniin dura gaaffiiwwan asiin gadii irratti daqiiqaa muraasa yaadi; itti fufuun hiriyyaa kee waliin marihadhuutii afaaniin deebii kenni.**

1. Akka naannoo keetti beektutti, namoonni dhala hinqabne, yookaan maseenni akkamiin qaccee ofii itti fufsiifatu?
2. Bu'aa duudhaan guddifachaa biyya kanaaf qabu akkamitti ilaalta?
3. Biyya kana keessatti guddifachaan aadaa saba kamii sitti fakkaata?



## Gilgaala 6

**Gaaffiiwwan asiin gadii sirnaan ilaalii, dabtara kee irratti barreeffadhu. Callisaafi saffisaan osoo dubbiftuu, deebii sirrii kennaa, osoo addaan hinkutiin itti fufii dubbisi.**

1. Guddifachaan yeroo hedduu umrii \_\_\_\_\_ irraa eegalee raawwatama.
2. Namoonni carraa Guddifachaa argatan mirga qabeenya dhaaluu kanneen akka \_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_.  
fi \_\_\_\_\_ qixxuma ijoollee hidda dhalootaa qabanii argatu.
3. Guddifachaan hidhata hawaasummaa \_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_ fi \_\_\_\_\_ irratti bu'uure mirkaneessuu keessatti duudhaa filatamaadha.
4. Aadaa guddifachaa biyya kana keessatti kan beeksise \_\_\_\_\_ dha.



## Guddifachaa

Guddifachaan aadaa Oromoo bara durii irraa eegalee beekamudha. Qaama Sirna Gadaati. Yeroo hedduu umrii daa'imummaa irraa eegalee raawwatama. Guddifachaaf kanneen qabata ta'an keessaa tokko **hirkoo** bara dullumaa barbaacha. Keessumaayyuu kanneen qabata **maseenummaatiin** dhala dhaban karaa ittiin akka dhala ofiitti dhala nama biraa guddifatanidha.

Guddifachaan mirga guutuu kan daa'imman manatti dhalatan argatan hunda nikenna. Maqaafi gosa maatii guddifateetti guutummaatti makamuunis ittiin waamamu. Qabeenya ofii kanneen akka lafaa, mana, horiifi maallaqa qixxee ijoollee **hidda dhalootaa** qabanii argatu. Akkasumas, dirqama ijoolleen maatii ofiif gumaachuu qaban mara yeroo **bal'inaafi dhiphinaas** bahachuun irraa eegama. Dhukkubsannaan wal'aanuu, dadhabnaan gargaaruu, dulloonnaan xooruu, duunaan awwaaluun kunuunsa ijoolleerra eegamu mara niraawwatu.

Osoo dhala hindhabiinis **hariiroo** hawaasummaaf jechas dhala guddifachuun jira. Kunis maatii haala kanaan walitti dhufan gidduu firoomni gaariin itti fufee akka jiraatu gargaara. Guddifachaatiin kanneen maatii, yookaan gosa Oromoo tokkotti makaman Oromoota qofa miti. Sabni maatii Oromoo ta'an irraa hindhalannes guddifachaatiin Oromoomaniiru. Haala kanaan, aadaa kana kan biyya kana keessatti beeksise Oromoodha. Kanaafi afaan biraatiinillee guddifachaa jedhamee waamama.

Guddifachaan hidhata hawaasummaa safuu, firoomaafi walkabajuu irratti bu'uure mirkaneessuu keessatti duudhaa filatamaadha. Gosa Oromoo tokko gosa Oromoo biroo waliin walitti hidha. Maatii tokko kan biroo waliin firooma kabajafi jaalala irratti bu'uureen walitti fida. Akkasumas, saba biroo gosaafi maatii Oromoo birootiin walitti dhiyeessee **halagaa** firoomsa. Duudhaan kun akka duraanii cimaa ta'uu baatus har'as inuma jira.

Akka waliigalaatti, Oromoon qabata adda addaatiif guddifata. Karaa tokkoon, dhala hinqabu yoo ta'e dhaalchisuufi. Dhaala dura immoo jireenya hawaasummaa ofiif **gaachana** godhachuufi. Karaa biraan, guddifattoonni maqaan isaanii waamamu **qacceen** isaanii akka itti fufu godha. **Galgallii** guddifattootaas nitola. Egereen ijoollee guddifatamaniis nimilkaaha. Kanaafuu, guddifachaan duudhaa **daraan** dagaagee itti fufuu qabudha.



## Gilgala 7

### Gaaffiilee dhiyaatan dubbisichaarratti hundaa'ii barreeffamaan deebisi.

1. Oromoonni guddifachaatti dhimma bahuu kan jalqaban yoom irraa eegaleeti?
2. Daa'imman carraa guddifachaa argatan mirgoota akkamii qabu?
3. Maatiin daa'imman guddifatani bu'aawwan hawaasummaa kam fa'a argatu?
4. Dirqamonni Guddifachaan daa'imman guddifataman irra kaa'u maal fa'i?
5. Haala amma jiru keessatti Guddifachaan aadaa jajjabeeffamuu qabu sitti fakkaataa? Maaliif?

6. Guddifachaan hariiroo sabootaa keessatti waan miidhaa qabu sitti fakkaataa? Akkamitti?



### Gilgaala 8

**Jechoota asii gadii hiika isaan dubbisa keessatti qaban barreessi.**

**Fakkeenya:**

a. Hirkoo : deeggaraa:

Hima: Maatiin Aadde Nadhii ijoollee lama waan guddifataniif hirkoo bara dullumaa qabu.

b. Maseenummaa: dhala dhabuu

Hima : Maseenummaan uumamaan jiraatus, guddifachaan furmaata tokko.

c. Hidda dhalootaa

d. Bal'ina

e. Dhiphina

f. Hariiroo

g. Halagaa

h. Gaachana

i. Galgala

j. Daraan

## Barannoo 4: Barreessuu



### Gilgaala 9

**Jechoota Sagalee Laafaafi Jabaa Qaban Barreessuu**

**Akka fakkeenya kennameetti garaagarummaa hiika sagalee laafaafi jabaa bu'uureffate addaan baasuun hima ijaari.**

Baddaa

Gubbaa

Dirree

Heduu

Badaa

Gubaa

Dire

Hedduu

Balaa

Ballaa

Yabbuu

Yaabuu

**Fakkeenya :** Gubbaa = Irra keessa

Gubaa = Ho'aa

Dhagaan gaara **gubbaa** irraa konkolaate.

Qilleensi gammoojii **gubaa** waanta'eef, uffata haphiitu uffatama.



### Gilgaala 10

**Jechoota sagalee laafaafi jabaa qabaachuutiin gargar ta'an ofii kee fi-ladhuutii hiika isaa agarsiisuun hima tokko barreessuun agarsiisi.**

Fakkeenya: Bokkaa =Rooba

Booka = Daadhii

Bokkaan barana yerootiin **rooba**.

Dhugaatii aadaa keessaa jaallatamaan tokko **daadhiidha** .

## Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa



### Gilgaala 11

**Jechoota roga 'A' jala jiraniif hiika fakkaattii isaanii kanneen 'B' jala jiran waliin walitti firoomsi.**

A	B
_____ 1. Karaa	a. Meeshaa muuziqaa
_____ 2. Gaaduu	b. Balaa
_____ 3. Dibe	c. Fincila
_____ 4. Karra	d. Qaxxisuu
_____ 5. Faara	e. Balbala
_____ 6. Gadduu	f. Haxaaye
_____ 7. Diddaa	g. Daandii
_____ 8. Dibbee	h. Mufachuu
_____ 9. Diida	i. Ala
_____ 10. Farra	j. Abdii

## Barannoo 6: Caasluga

### Garee Jechoota Afaan Oromoo



Afaan kamiyyuu garee jechootaa niqaba. Afaan Oromoos akkasuma jechoota garee adda addaatti qoodaman niqaba. Kanaafuu, jechoota Afaan Oromoo hedduu kana galumsaafi maxxanfannaatiin gareewwan gara garaa jalatti ramaduu dandeeya. Gareewwan kunneenis akkaataa armaan gadiitiin dhiyaataniiru. .

1. Maqaa (Fakkeenya: saree, nama, mucaa kkf)  
Isaan mucaa tokko qabu.
2. Maqibsa (Fakkeenya: dheertuu, bareedaa, qal'oo kkf)  
Mucaan sun baay'ee bareeda.
3. Gochima (Fakkeenya: -ti, -dha, dha'e)  
Dacheen kun kan abbaa kooti.
4. Gochibsa (Fakkeenya: saffisaan, suuta, sirnaan kkf)  
Ogeettiin sirnaan qormaata hojjette.
5. Durduubee (Fakkeenya: gara, irra, waa'ee, keessa kkf)  
Kitileen gara magaalaa Awaasaa deemte.



### Gilgaala 12

**Ibsa armaan olitti dhiyate hordofuun himoota kana gadiii keessaa kan jala sararaman garee jechootaa isaanii adda baasi.**

1. Abjuu kootiin qilleensa irra osoon balali'uun dammaqe.
2. Olaanaan barataa cimaadha.
3. Barsiisaan keenya kitaaba fidanii dhufan.
4. Roobeen kitaaba haaraa fidde.
5. Abbaan koo bofa mataa dha'e.



### Gilgaala 13

**Jechoota roga ‘A’ jala jiran garee jechootaa kanneen ‘B’ jala jiran waliin walitti firoomsi.**

A

B

\_\_\_\_\_ 1. Lafa

a. Durduubee

\_\_\_\_\_ 2. Keessa

b. Gochima

\_\_\_\_\_ 3. Gabaabaa

c. Maqaa

\_\_\_\_\_ 4. Deeme

d. Maqibsa

\_\_\_\_\_ 5. Tasa

e. Gochibsa

## Boqonnaa 2: Kornayaa

### Kayyoowwan

#### Xumura boqonnaa kanaatti:

- ✎ barruu dhaggeeffachuun gochaawwan miidhaafi bu'aa qaban addaan nibaafatta;
- ✎ hubannoo kee afaaniin ni'ibsatta;
- ✎ ergaawwaan dubbiste, jireenya keetiin walqabsiistee nixiinxalta;
- ✎ jechoota sagalee gabaabaafi dheeraa qaban nibarreessita;
- ✎ dheerachuufi gabaabbachuun sagalee hiika jechootaa jijjiiruu akka danda'u addaan nibaafatta;
- ✎ maalummaa maqaa himuu nidandeessa;
- ✎ akaakuuwwan maqaa tarreessuu nidandeessa.

### Barannoo 1: Dhaggeeffachuu



#### Gilgaala 1

**Barruu siif dhiyaatu dhaggeeffachuun dura gaaffilee asii gadii irratti cimdiidhaan mari'adhaatii afaaniin dareef ibsi.**

1. Mana keessatti ati, obboleettiin kee, obboleessi kee, haatiifi abbaan kee gaheen hojii isaanii maali?
2. Kornayaan jecha saala jedhu irraa maaliin adda baha?
3. Dubartii yookaan dhiira ta'uun akaakuu hojii hojjetamuu murteessa jettee yaaddaa?

### Walqixxummaa Kornayaa



#### Gilgaala 2

**Barruu dhiyaate dhaggeeffachaa bakku duwwaa irratti deebii kenni.**

1. Kornayaan garaagarummaa \_\_\_\_\_ fi \_\_\_\_\_ taa'edha.
2. Dhiiraafi dubartii kan adda taasisu dhimmoota \_\_\_\_\_ ti.
3. Namoonni daa'imummaa irraa eegalani loogii Kornayaa karaa kamfa'a baratu?
  - a. \_\_\_\_\_
  - b. \_\_\_\_\_
  - c. \_\_\_\_\_
4. Kaamettii jechuun maali? \_\_\_\_\_
5. Loogiin Kornayaa \_\_\_\_\_ namootaati.



### Gilgaala 3

**Gaaffilee asiin gadii dubbisa dhaggeeffatte irratti hundaa’ii deebii isaanii barreessuun afaaniin dareef dhiyeessi.**

1. Garaagarummaan loogii dubartiifi dhiira gidduu jiru aadaa hawaasaa, moo hoormoonii uumamaan walqabata? Akkamitti?
2. Walqixxummaan kornayaa akkamiin mirkanaaha?
3. Miidhaan loogii kornayaa maali?
4. Dalagaalee dhiirri raawwatu dubartiin raawwachuu dandahuun maal agarsiisa?
5. Dahanii harma hoosisuun maaliif garaa garummaa uumamaa jedhama?
6. Daa’imman nyaachisanii qulqullummaa eeganii guddisuun akkamiin dalagaa dubartii ta’a?
7. Barruu dhaggeeffatte irraa akka waliigalaatti maal hubatte?

## Barannoo 2: Dubbachuu



### Gilgaala 4

**Kanaa gaditti dur durii matadureen isaa *Dhala Eebbaa jedhu* dhiyaateera. Erga dubbistee yaada isaa hubatteen booda:**

1. Dhaamsa dur durii kana keessa jiru irratti yaada kee afaaniin dareef ibsi
2. Dur durii biroo kan naannoo keetti beektu dareetti himi.



## Dhala Eebbaa

Abbaafi ilmi bara durii wallolani jennaan ilmi dargaggeessaa humna qabu waan ta’eef abbaa isaa caccabsee dhoksaan hallayyaa baay’ee gadi fagoo ta’etti gate. Turtii yeroo dheeraa booda ilmi abbaa isaa hallayyaatti gate kun ijoollee horate. Ijoollee isaa keessaa tokko abbaa isaa hinjaalatu ture. Guyyaa tokko maarree ilma isaa kanaan wallolanii akkuma inni dur abbaasaa godhe sanatti ilmisa caccabsee hallayyaatti gatuuf osoo baatee deema jiruu iddoo akaakayyuun isaa itti gatame gahan.

Achiin inni baatamee demu sun ilma isaatiin, “Ilma koo ani abbaa koo kana hindabarsine waan ta’eef atis kana na hindabarsiin,” jennaan ilmi rifatee dhaabbatee erga yaadeen booda, “edaa atis abbaa kee hallayyaatti gatteyyuu?” jedhee manatti deebisee, abbaasaa kunuunsee qabachuun ilma eebbifamaa ta’e, jedhama.

## Barannoo 3: Dubbisuu



### Gilgaala 5

**Muuxannoo duraan qabdurratti hundaa’uun gaaffilee armaan gadiif afaaniin deebii kenni.**

1. Xiiqiffachuufi milkaahuun akkamiin waliin deemu jettee yaadda?
2. Dubartoota bebbeekamoo dhiibbaafi bu’aa ba’ii garagaraa keessa ba’anii xiiqiitiin jireenya gaariitti ba’an eenyufaa beekta?
3. Jecha xiiqii jedhu hiika isaa beektaa?
4. Fakkii asiin gadiirraa maal hubatta?



### Gilgaala 6

**Dubbisa dhiyaate callisaan dubbisaa deebii gabaabaa kenni.**

1. Hawwiin mana barumsaa ishee keessatti kan ittiin beekamtu:  
 \_\_\_\_\_,  
 fi \_\_\_\_\_ dha.
2. Hawwiin yoo maal taate hirqinfattee boosse? \_\_\_\_\_  
 \_\_\_\_\_.

3. Haalli jiruufi jireenya warra Hawwii fuudhuu fedhanii maal fakkaata?
  - a. \_\_\_\_\_
  - b. \_\_\_\_\_
  - c. \_\_\_\_\_
  - d. \_\_\_\_\_
4. Hawwiin maatii isheef hintala akkamiiti? \_\_\_\_\_ fi \_\_\_\_\_.
5. Haati Hawwii yaada Hawwii heerumsiisuuf dhiyaate mormani moo deeggarani? Maaliif?
6. Barsiisonni Hawwii mana dhufanii maal jedhanii turan? \_\_\_\_\_.
7. Yeroo ammaa Hawwiin eessa jirti? \_\_\_\_\_.



## Xiiqii Hadhooftuu

Hawwiin barattuu qaxalee daree isheettis ta'e akka mana barnootaatti tokkoffaa baatu turte. Barumsaan qofa osoo hintaane fiigichaan, kubbaa harkaafi ispoortii kamiinuu barattoonni ishee **gitan** tokkollee hinjiran. Waggaa waggaa badhaasa badhaafamti. Amala isheetiinis xiqeeffattuudha. Barattoonni mana barnootichaas ta'e barsiisonni hunduu baay'ee ishee jaallatu-dinqisiifatu. Barattoonni immoo akka ishee ta'uu hawwu. Barsiisonni immoo kan akka ishee qabaachuu hinfeene hinturre. Hawwiin barumsa ishee malee yaada biraa hinqabdu turte. Tokkoffaa ba'uu, dhibbarraa dhibba argachuu qofa kan ishee gammachiisu. Dhibba keessaa sagaltamii sagal yoo argattellee hirriba malee bulti; hirqinfattee boossi.

Haata'u malee, kana gidduutti rakkoo tokkotu ishee mudate. Yeroon isaa qorumsa kutaa saddeetiif yeroo qophaa'aa jirtu ture. Halkan, abbaan ishee firoota isaa waliin kan isaan waa gunguman kutaa ciisichaa ishee keessa ciistee dhageessee, gurra **qeensitee** dhaggeeffatte. Dhimmi isaan taa'anii waliin mari'atanis waa'ee isheeti. Isheen kana hinhubanne. Callistee dhageeffachuu itti fufte. Abbaan ishee, "Waa'ee gaa'ela mucaa keenyaatan isin mari'achuu

barbaade; maal wayya? Ilma warra guddaaf gaafatamte; gosti isaanii baay'ee beekamoodha! Abbaan isaa kabajamaa, maatiin isaanii hunduu warra gaariidha” jedhee osoo hinxumuriin, gidduutti yaadaan bade. Akka callisuu ta'ee, “Garuu, yeroo darbe barsiistuun ishee, Xiiqiin, waan natti himtetu garaa na nyaata malee ...hii .... waa'ee barumsa ishee ....,” jedhe sagalee mararfannaatiin. Hawwiin amma maqaan barsiistuu ishee dha'amutti dhimmi marii waa'ee ishee akka ta'e tasa hinyaanne ture. Intala tokkittii, sanuu kan wareega meeqaan dhalatte. Firris, maatiinis kan **ija keessa ilaalu**. Hawwiinis kana hunda beekti. Akkamitti haa amantu waan gurraan dhageesse? Firoonni marii itti fufaniiru.

Eessummi ishee sagalee guddaadhaan,”Dhiisi abbaa Hawwii! Gaa'elli barbaachisaadha. Durbi ijoollummaatiin yoo jireenya qabatte wayya. Kun waanuma garaa si nyaatu hinqabu. Atis intala tokkitti kana **hulaa baafadhu**. Warra akkasii lakkii jedhanii hindeebisan. Milkiin tollaan heerumsiisuudha. Nama nu filatee kabajaan nu gaafate kabajaan deebisuu qabna,” jechuun mirkaneesse. Firoonni warri kaanis yaaduma kana irratti waliigalan.

Haati Hawwii garuu, mar'imaani gubachaa, yaada mormii sagalee sodaafi naasuu qabuun hollachaa, akka boo'uu ta'aa akkas jette: “Maaloo! Maal qaba osoo mucaan kun barumsa ishee itti fufte? Abbaa Hawwii, barsiisonni ishee dhufanii waan isaan nu gorsan nidagatamaa? Hawwiin isiniifis, biyyaafis bu'aa guddaa buusuu dandeessi! Jabaadhaati barsiisaa nuun hinjennee? Heerumuumaafuu yoom geesse?” jettee osoo isheen dubbattee hinxumuriin sagalee tokkoon, “Kanarra gaafa baaftii?” jedhanii dubbii afaanii butanii murteessanii Hawwii heerumsiisuuf ka'an. Haati ishees waan gootu dhabdee, humna laaftee calliste.

Hawwiin garuu, galaana yaadaafi yaaddoo keessaa ba'uu hindandeenye keessa seente. Samiifi dachiitu itti gaggaragale. Bakka jirtu hanga wallaaltuutti sammun ishee joojja'e. Waan sireerra ciisaa jirtu osoo hinta'iin, kan samii keessa balali'aa jirtu itti fakkaate. “Maal yaa Rabbi! Amma anatu dhuguma barumsa koo dhiisee heerumaa? Kanarra du'a naaf wayya! Manaa na jibban jechuunis na rakkise; maali kun? Kun tasa ta'uu hindanda'u. Yoon kaan dadhabe, biyyaan bada malee, hinheerumu. Sana boodahoo? Kunis, rakkisaadha. Heerummi garuu narratti hinrawwatu; **seetoodha!**” jette sammuu ishee keessatti murteeffatte. Osoo haala kanaan yaada buustee baastuu, lafti borgog

jedhe. Sinbirri wacuu jalqabde. Hawwiifis yaanni tokko dhufe. Kan barsiistuun ishee kanaan dura isheettii himte. “Yoo rakkoon kamiyyuu si mudate natti himi,” jettee turte. Yaanni kun amma afuura ishee itti deebise. Yaada kana keessa osoo jirtuu, sireerraa akkuma taatu taatee kaate. Ijjishee bobbokokeera; keessisaa diimatee goraa bilchaate fakkaateera. Osoo ijji ishee walhinqabatiin bulte. Afaan buleen, fuula isheellee osoo hindhiqatiin, maatiitti osoo hinmul’atiin, **obborootiin** gara mana barnootaa deemte. Abdiin ishee waan dukkanaa’e fakkaata. Garuu, seetoon keessa isheetii dhikkifata.

Mana barumsaa deemtee, waan galgala raawwatame hunda itti himte. Barsiistuun ishee, Xiiqin, baay’ee gaddite. Itti gaafatamtuu mana barnootichaattis himtee maal gochuu akka qabdu mari’atan. Maatii Hawwii waamanii akka gorsuu qabanis waliigalan. Ta’uu baannaan, gara seeraa akka deemuu qaban murteessan. Maatiin Hawwii murtee isaanii jijjiiruu waan didaniif, dhimmichi gara Waajjira Dhimma Dubartootaafi Daa’immaniitti darbe. Maatiin Hawwiis yakka lamaan himataman: daa’ima waggaa 18 gadii heerumsiisuufi barumsa irraa addaan kutuuf yaalu.

Xumura irratti karoorri maatii ishee lamaanuu akka hafu taasifamee, maatiin ishees gaabbanii dhiifama gaafatanii, Hawwiin haamilee haaromeen barumsa isheetti akka jabaattu tasifame. Isheenis imaanaa barsiisota ishee hindaganne. Barumsa isheetti caalaa jabaattee itti fufte. Maatiinis daran deeggaruu itti fufan. Kutaa kudhan akaakuu barumsaa hundaan “A” fiddee gara qophaa’inaatti dabarte. Qorumsa seensa yuunivarsiitiis qaphxii olaanaa galmeessistee Yuunivarsiitii Jimmaa seente.

Achittis waggoota ja’aaf barumsa doktorummaa fayyaarra turtee, qaphxii olaanaa galmeessitee, ebbifamte. Badhaasa addaa, kan bara sanaa yuunivarsiiticha irraa Hawwiitu fudhate. Yeroo ammaa kana Hospitaala Riferaalaa Yuunivarsiitii Jimmaa keessatti barsiisummaa, qorannoofi wal’aansaan tajaajilaa jirti. Hawwiin xiqiffattuu-barsiiiftuufi gorsituun ishee Xiiqii, murten ishee hadhooftuu-milkaahin ishee immoo mi’ooftuudha. Dubartiin akkasi!



## Gilgaala 7

**Yaada dubbisichaarratti hundaa’uun gaaffilee armaan gadiif deebii sirrii ta’e filadhu.**

1. Jalqaba irratti yaada abbaa Hawwii kan deeggare eenyu?
  - a. haadha Hawwii
  - b. eessuma Hawwii
  - c. barsiiiftuu Xiiqii
  - d. bulchaa mana barumsaa

2. Keeyyata 4 irratti “Kanarra gaafa baaftii?” yaanni jedhu maal ibsuufi?
  - a. Hawwiin daa’ima
  - b. Hawwiin xiiqoftuudha
  - c. Hawwiin heerumaaf geesseetti
  - d. Hawwiin heerumuu hinqabdu
3. Hawwiin yeroo abbaafi firoonni ishee mari’atan eessa teessee dhaggeeffatte?
  - a. daree barnootaa
  - b. kutaa ciisicha ishee
  - c. dirree ispoortii
  - d. dirree xiiqqii
4. Hawwiin mariin geggeeffamu waa’ee ishee ta’uu yoom barte?
  - a. yeroo maqaan barsiistuu ishee dhahamu
  - b. yeroo gunguman
  - c. eessumni ishee yoo dubbatu
  - d. yeroo firoonni ishee deeman
5. “...Heerumni garuu narratti hinraawwatu; seetoodha!” kan jedhu keessatti kan jala sararame.
  - a. heexoodha
  - b. gammoomuudha
  - c. xiiqqiidha
  - d. sobuudha
6. Kan waan samii keessa balaliitu/balali’u itti fakkaate eenyu?
  - a. haadha Hawwii
  - b. abbaa Hawwii
  - c. Hawwii
  - d. firoota ishee
7. Barreeffamni kun irra caalaa seenaa eenyuurratti xiyyeeffate?
  - a. abbaa Hawwii
  - b. eessuma Hawwii
  - c. barsiiftuu Hawwii
  - d. Hawwii



### Gilgaala 8

#### A. Dubbisicha irratti hundaahuun gaaffilee armaan gadii afaaniin dareef ibsi.

1. Barattoonniifi barsiisonni Hawwii maaliif dinqisiifatu?
2. Abbaan Hawwii hintala isaa nijaallata, moo nijibba? Maaliif?
3. Firriifi maatiin maaliif Hawwii ija keessa ilaalu?
4. Hawwiin yaadaan kan samii keessa balaliite miira akkamii keessa taateeti?
5. Mariin Hawwiifi barsiistuu ishee, Xiiqqii gidduu ture maali?
6. Hawwiin maatiin ishee akka seeraan gaaftaman gochuun ishee sirriidha jettee yaadda? Maaliif?

**B. Dubbisicharratti hundaa’uun gaaffiilee armaan gadii barreessuun ibsi.**

1. Xiyyeeffannoon keeyyata jalqabaa maali?
2. Yaanni keeyyata 2<sup>ffaa</sup> keessa jiru maal agarsiisa?
3. Barreeffama seenessaa kanarraa maal hubatte?
4. Ofiifis, firaafis ta’anii biyya ofii fayyaduuf maal maal gochuutu barbaachisa?

**Baranoo 4: Barreessuu****Jechoota Sagalee Gabaabaafi Dheeraa Qaban Barreessuu****Gilgaala 9****Hiika jechoota sagalee dheeraafi gabaabaa qabanii addaa baasuun Hima barreessi.**

Fakkeenya: Qooruu = Goguu

Qoruu = Muruu

Jechoonni kunneen lamaan isaaniyyuu birsaga jalqabaa (qo/qoo-) irratti tokko dheerachuudhaan, inni bi- raan immoo gabaabbachuudhan gargar ta’an.

Birsaga lammaffaa irratti (-ruu) lachuu tokkuma. Kanaafuu, garaagarummaan dheerinaaf i gabaabina birsa- ga jalqabaa iratti mul’ate garaagarummaa hiikaaf qabata ta’eera. Kunis hima keessatti akka armaan gadiitti ifatti mul’ata. Hiikni jechoota kana garuu kana qofa jechuu miti.

1. Huccuun Simboon kaleessa miiccate qooruu dide.
2. Barattoonni hunduu qeensa isaanii qoruu qabu.

a. Qooruu	Qoruu
b. Raafuu	Rafuu
c. Eege	Eegee
d. Gaala	Galaa
e. Nafa	Naafa
f. Haamaa	Hamaa

## Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa



### Gilgaala 10

**Jechoota roga ‘A’ jala jiraniif hiika fakkaatti isaanii kanneen ‘B’ jala jiran waliin walitti firoomsi.**

A	B
_____ 1. Quufa	a. Xirhaahuu
_____ 2. Saamuu	b. Soorata gahaa
_____ 3. Garaa	c. Utaalloo
_____ 4. Dhala	d. Fuggisoo
_____ 5. Fala	e. Furmaata
_____ 6. Samuu	f. Qaama namaa
_____ 7. Faallaa	g. Ilmoo
_____ 8. Dhaala	h. Tulluu
_____ 9. Gaara	i. Qabeenya firatti darbu
_____ 10. Qufaa	j. Humnaan fudhachuu



### Gilgaala 11

**Jechoota kanaa olitti walitti firoomsite keessaa, kanneen roga ‘A’ jala jiraniif hima ijaaruu haala itti fayyadama isaa agrsiisi.**

Fakkeenya: Barana qilleensi mishaa waan ta’eef, bara quufaati

## Brannoo 6: Caasluga

### Maqaafi Akaakuu Isaa



Garee jechoota Afaan Oromoo boqonnaa darbe keessatti baratteetta. Isaanis maqaa, maqibsa, durduubeef i gochima. Barannoo kana keessatti immoo akaakuu maqaa baratta. Maqaa akaakuu gara garaatti qooduun nidanda’ama. Isaan keessaa muraasni kanneen armaan gadiiti.

1. Maqaa Dhuunfaa:

Ambo, Jimma, Awaash, Dhidheessa, Odaa, Waddeessa

Waan namni, bakki, biyyiifi wantoonni gara garaa ittiin waamaman ilaala.



2. Maqaa Waliinii:

Jechi nama jedhu dhiiras dubartiis, gurraachas diimaas bakka tokkotti.

Kanaafuu, maqaa waliinii jedhama.

3. Maqaa Dimshaashaa:

Bosona, uffata, nyaata

Wantoota adda addaa bakka tokkotti kan ittiin waamaman.

4. Maqaa waan Qabatamaa:

Mana, konkolaataa, qubeessaa

Maqaalee ijaan argamaniifi harkaan qabaman kan bakka tokkotti ittiin waamaman.

5. Maqaa killayyaa:

Jaalala, beekumsa, fedhii

Kan wantoota yaadan jiran bakka bu'u.



## Gilgaala 12

**Haala fakkeenya armaan olitti dhiyateen, akaakuu maqaalee dhiyaatan shananiif fakkeeniyota lama-lama barreessi.**

1. Maqaa dhuunfaa
2. Maqaaa waliinii
3. Maqaa dimshaashaa
4. Maqaa waan qabatamaa
5. Maqaa killayyaa



## Gilgaala 13

**Jechoota roga 'A' jala jiran garee jechootaa kanneen 'B' jala jiran waliin walitti firoomsi.**

A	B
_____ 1. Kitaaba	a. Maqaa killayyaa
_____ 2. Bosona	b. Maqaa waliinii
_____ 3. Boontuu	c. Maqaa dhuunfaa
_____ 4. Beellada	d. Maqaa waan qabatamaa
_____ 5. Namooma	e. Maqaa dimshaashaa

## Boqonnaa 3: Saayinsiifi Teekinoolojii

### Kaayyoowwan

#### Xumura boqonnaa kanaatti:

- ✍ ergaa barruu dhaggeeffatteefi dubbistee hubatta;
- ✍ ilaalcha dhimma tokkorratti qabdu sirreeffatta;
- ✍ ogummaa dubbachuufi dhaggefachuu gabbifatta;
- ✍ qabiyyee dubbisaa xiinxalta;
- ✍ irra-butaafi hudhaadhaan jechoota ijaarta;
- ✍ hiika jechoota waliin deemanii barta;
- ✍ bamaqaafi akaakuu isaatti fayyadamta.

## Barannoo 1: Dhaggeeffachuu



### Gilgaala 1

#### Gaafiilee armaa gadii afaaniin deebisi.

1. Fakkiilee dhiyaatan keessaa kamiin beekta?
2. Argamuu mobaayiliifi xiyyaaraatiif qabanni maali?
3. Saayinsiifi teekinoolojii bu'aa maalii qaba?
4. Jechoota a - d jiran fakkeenya kennuun hiika isaanii tilmaami
  - a. Saayinsii
  - b. Teekinoolojii
  - c. Maashinii
  - d. Quunnamtii



## Gilgaala 2

**Barruu siif dubbifamu dhaggeeffachaa bakka duwwaa armaan gadii guuti.**

1. Bu'aaleen saayinsiifi teekinoolojii keessaa tokko meeshaa \_\_\_\_\_ .
2. Meeshaaleen kunis geejjiba ammayyaa, \_\_\_\_\_ bilbilaafi doonii fa'i.
3. Meeshaaleen sagalee namootaa walquunnamsiisan \_\_\_\_\_ fi raadiyoodha.
4. Kan barreeffamaan walquunnamsiisan imeelii, telegiraamiifi \_\_\_\_\_.
5. Bu'aan saayinsiifi teekinoolojii inni biraan \_\_\_\_\_.
6. Maashinoonni \_\_\_\_\_.
7. Kana malees, anniisa \_\_\_\_\_.



### Gilgaala 3

**Dubbisa dhaggeeffatte bu'uureffachuun gaaffilee armaan gadii afaaniin deebisi.**

1. Saayinsiifi teekinooloojiin bu'aa akkamii qabu?
2. Meeshaaleen namoota sagaleen walqunnamsiisan kam fa'i?
3. Konkolaataan tajaajila akkamii kenna?
4. Geejjiba ammayyaa maaltu kan aadaarraa adda taasisa?
5. Televiijiiniifi raadiyoon osoo hinjiraanee maaltu namatti hir'ata jetta?

### Barannoo 2: Dubbachuu



### Gilgaala 4

**Gaaffilee kanaan gadii akkaataa gaafatametti deebisi.**

1. Oduu durii kanaan dura dhageesse hiriyaa keetti himi
2. Oduu durii kan biraa maatii kee gaafadhuutii fidii dareetti hiriyoota keetti himi.

### Barannoo 3: Dubbisuu



### Gilgaala 5

**Gaaffilee kana gadii afaaniin deebisi..**

1. Hiriyoota kee sirraa fagoo jiraniin akkamiin walquunnamta?
2. Feesbuukii beektaa?
3. Bu'aan feesbuukii maali?
4. Hiika jechootaa a – c jiranii fakkeenyaan deggeruun ibsi.
  - a. Sabaa-himaalee
  - b. Bu'aa
  - c. Miidhaa



### Gilgaala 6

**Deebii gaaffilee armaan gadii adda baafachaa dubbisa itti aanee jiru dubbisi.**

1. Sabaa-himaaleen hawaasaa warri yeroo baay'ee dhimma itti bahaman kam fa'i?
2. Bu'aa sabaa-himaalee hawaasaa fayyadamuun qabu lama addaan baafadhu.

3. Miidhaa sabaa-himaalee hawaasaa fayyadamuun geessisu lama maqaa himi.
4. Sabaa-himaalee namoota barreeffamaan walquunnamsiisan maqaa dha'i.



### **Bu'aafi Miidhaa Sabaa-himaalee Hawaasaa Fayyadamuu**

Sabaa-himaaleen hawaasaa meeshaa walquunnamtiiti. Meeshummaan isaanii marsariitii bu'uureffachuun karaa namoonni yaada, fedhiifi beekumsa isaanii barreeffamaan, sagaleedhaan, suur-sagaleedhaan akkasumas, fakkiidhaan ittiin waljijjiiraniidha. Sabaa-himaalee hawaasaa tajaajila akkasiitiif oolan keessaa muraasni feesbuukii, imeelii, googilii, waatisaappiifi, inistaagiraamii fa'i. Sabaahimaalee hawaasaa kanatti fayyadamuun bu'aas midhaas qaba.

Bu'aa sabaa-himaalee hawaasaatti fayyadamuun qabu keessaa muraasni hirmaachisuu, walbarsiisuu, odeeffannoo dabarsuufi bashannansiisuudha. Sabaa-himaalee hawaasaatti namoota kompiiteratti fayyadamuu danda'an hundatu hirmaata. Hirmaannaa kana keessa namoonni bakkaan walirraa hiixuu ta'an walbaru. Kun ammoo muuxannoo isaanii waljijjiiruun odeeffannoo walii dabarsuuf karaa saaqa. Wantoonni sabaa-himaalee hawaasaa irratti dhiyaatan bashannansiisuuf humna guddaa waan qabaniif, odeeffannoo darbu sana salphaatti akka hubatan taasisa.

Bu'aa sabaa-himaaleen hawaasaa fayyadamuu barachuufi barsisuu keessatti sirriitti mul'ata. Sabaa-himaalee hawaasaa fayyadamuun walquunnamtii sirriin barsiistotaafi barattoota gidduu akka jiraatu taasisa. Barsiistoonniifi barattoonni qabiyyee barbaadan irratti akka bilisaan yaada waljijjiiran carraa argamsiisa. Kun ammoo hirmaannaan barattootaa akka dabaluu taasisa. Barattoonni daree keessatti waan hingalleef gaafachuufis ta'ee isa gaafataman deebisuu irratti sodaatan akka yaada isaanii bilisaan ibsatan gargaara. Kun ammoo barsiistonniifi barattoonni odeeffannoo argachuufi itti fayyadamuuf haala mijeessa. Namoota garaagaraatiin walbaruun muuxannoo waliirraa barachuu waan danda'aniif, ofitti amanamummaa horachiisa. Sabaa-himaalee fayyadamuun barruuleefi kitaabilee adda addaa argachuuf kennataa waan ta'eef, baruumsa daree keessaa dammaqinaan hordofuuf humna ta'a.

Haata'u malee, sabaa-himaalee hawaasaa fayyadamuun miidhaas qaba. Miidhaa inni qabu keessaa tokko yeroo gubuudha. Wantoonni sabaa-himaalee hawaasaa irratti dhiyaatan nama hawwatu. Qalbii booji'uun araada nama qabsiisu. Namoonni araada sabaa-himaalee hawaasaa fayyadamuutiin qabaman yeroo

isaanii harka calaa isumaaf kennu. Kun ammoo wantoota jireenya isaaniitiif barbaachisan hojjechuufi itti gaafatamummaa isaanii bahuurratti gufuu ta'a. Kun ammoo hojjetanii akka hinmilkoofne taasia.

Miidhaan sabaa-himaalee hawaasaa fayyadamuun geessisu inni biraan xinsammuu hubuudha. Sabaa-himaaleen hawaasaa irratti yaanni namoonni ibsan miira namaa tuqu, nama sodaachisu, abdiin nama kutachiisu danda'a. Kun ammoo dhawaata waan jedhaniifi waan raawwatan irratti ofitti amanamummaa namaa hir'isa. Sabaa-himaalee hawaasaa fayyadamuun hidhata hawaasummaa nilaaffisa. Warri yeroo hedduu sabaa-himaalee hawaasaa fayyadaman araada itti ta'e kophaa ta'uu filatu. Yeroo dheeraas kophaa isaanii sabaa-himaa sana fayyadamuurratti dabarsu. Gammachuufi gadda ollaa isaanii hirmaachuuf yeroo hinqaban. Kun ammoo namaa dirmachuu dadhabsiisuun kan isaanii dirmatus dhabsiisa. Akkanaa amala dhuunfaa horachiisee hawaasarraa addaan baasa. Kana malees, namoonni sabaa-himaalee hawaasaa fayyadamuun araada itti ta'e odeeffannoo dhuunfaa isaanii eeggachuullee hindanda'an. Hayyamaafi beekumsa isaaniitiin ala odeeffannoon dhuunfaa isaanii fudhatamuun sodaafi yaaddoo guddaaf isaan saaxila.

Walumaagalatti, sabaa-himaalee hawaasaa fayyadamun namoota walqunnamsiisuun odeeffannoo waljijjiiruufi walirraa baruuf haala mijeessa. Kun ammoo hirmaannaa namoonni hojii idilee isaaniirratti qaban cimsa. Haata'umalee, of eeggannoo malee itti fayyadamuun yeroo qisaasuurra taree xinsammuu hubuufi gooddoo taasisuurratti humna guddaa qaba. Kanaafuu, of eeggannoon yoo dhimma itti bahaman miidhaa isaanii xiqqeessuun bu'aa isaanii guddisuun nidanda'ama.



## Gilgaala 7

### **Dubbisarratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadii hiriyoota kee waliin irratti mariyachuun afaaniin deebisi.**

1. Sabaa-himaalee hawaasaa fayyadamuun akkamiin hirmaannaa barattoonni dareetti qaban cimsa?
2. Odeeffannoon namoonni sabaa-himaalee hawaasarraa argatan akkamiin rakko xinsammuu geessisa?
3. Sabaa-himaaleen hawaasaa rakkoo hawaasummaa kan qaqqabsiisu yoo maal ta'edha?
4. Bu'aan sabaa-himaalee hawaasaa irraa argamu cimsuufi miidhaa isaa hiri'uuf maaltu ta'uu qaba jetta?
5. Bu'aa sabaa-himaaleen hawaasaa gama daldalaatiin qabu maal maal fa'i?
6. Miidhaa moo bu'aa feesbuukiitu caala jetta? Maaliif?

## Barannoo 4: Barreessuu



### Gilgaala 8

A. **Fakkeenya kenname hordofuun jechoota irrabutaafi hudhaa qaban barreessi.**

irra butaa	hudhaa (')
humna , abdii	mul'ata, bu'aa
_____	_____
_____	_____
_____	_____

B. **Jechoota gaditti kennaman keessatti bakka hudhaafi irra-butaa addaan baasi.**

1. garbuu
2. mo'uu
3. ilkaan
4. gaangee
5. dhamae
6. boouu
7. joojjaaa
8. baloo
9. romaa
10. gindoo

## HUDHAAFI IRRA-BUTAA



Hudhaan dubbifamaa bakka bu'a. Tajaajilli isaa sagalee jabaate laaffisuu, dubbachiistuu walitti aanan addaan baasuudha. Irra butaan ammoo dubbachiiftuu jecha keessaa hafe bakka buuti. Tajaajila isaas dubbifamaan lama walitti aananii akka galaniif haala mijeessuudha.

## Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa



### Gilgaala 9

**Fakkeenya siif kennamerratti hundaa' uun jechoota kennaman waliin jechoota deeman tarreessi.**

Fakkeenya:- rifeensa

malkaa

haaduu

\_\_\_\_\_

muruu

\_\_\_\_\_

filuu

\_\_\_\_\_

miiccuu

\_\_\_\_\_

yaada

amala

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

qeensa

fayyaa

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

bu'aa

maqaa

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

## Barannoo 6: Caasluga



### Gilgaala 10

**A. Akkaataa fakkeenya kannameetti maqaa jala sararame bamaqaan bakkabuusuun irra deebiin barreessi.**

Fakkeenya:

1. Caaltuun barsiistuudha. *Isheen*
2. Galgaloon amala-qabeessa. *Inni*
3. Bal'inaafi Mi'oon fayya-buleeyyiidha. *Isaan*

4. Mul'ataan re'oota horsiisa.
5. Bunguleefi Leensaan sa'oota tiksu.
6. Boonseefi Margoona daa'imaaf maqaa baasan.
7. Jiloon malkaa bu'ee hirreeffate.
8. Galaaneen Obbo Tufaa argite.

**B. Bamaqaalee baasuun akaakuu isaanii barressi.**

**Fakkeenya: Inniifi isheen obbolaa keenya.**

Inni- bamaqaa dhuunfaa

Ishee- bamaqaa dhuunfaa

Keenya - bamaqaa qabeenyaa

1. Qeensa koo qorachuunan fayyaa koo eeggadha.
2. Isheen yaada mo'aa dhiyeessuun murtee keenya nu jijjiirsiste.
3. Miidhamni kee miidhama kooti jechuun walii kakatan.
4. Ani qabeenya isaa akka qabeenya keettin ilaala.
5. Har'a ana, bor si; bor oolee ammoo isheetu dhaqa.

## Boqonnaa 4: Dhibee Koronaa

### Kaayyoowwan

#### Xumura boqonnaa kanaatti:

- ✗ ergaa waan dhaggeefatteefi dubbistee hubatta;
- ✗ gahumsa yaada ofii ragaadhaan deggaranii dhiyeessuu horatta;
- ✗ hiika jechootaa galumsarraa barta;
- ✗ maqaafi maqaarraa jecha biraa ijaarta;
- ✗ dubbattee amansiista;
- ✗ maqibsaafi akaakuu isaa adda baafta.

### Barannoo 1: Dhaggeeffachuu



#### Gilgala 1

**Barruu siif dhiyaate dhaggeeffachuun dura gaaffiilee armaan gadii akkaataa gafatamtetti deebii isaa hiriyya keetti himi.**



1. Dhukkubsattee ykn nama dhukkubsate argitee beektaa?
2. Kan si ykn isa/ishee dhukkube maal ture?
3. Fakkiileen olitti mul'atan maal agarsiisu?
4. Waa'ee dhukkuboota daddarboo maal beekta?
5. Hiika jechoota kanaan gadii fakkeenyaan deggaruun ibsi.
  - a. dhukkuba
  - b. baakteeriyaa
  - c. vaayireesii
  - d. daddarboo



## Gilgaala 2

**Mataduree 'Dhukkuboota Daddarboo' jedhu jalatti barruu siif dhiyaatu dhaggeeffachaa kan sirrii ta'e, dhugaa kan hintaane soba jechuun barreeffamaan deebisi.**

1. Baakteeriyaafi vaayireesiin ka'umsa dhukkuboota daddarbooti.
2. Dhibeewwan ka'umsi isaanii baakteeriyaa ta'an afuuraan daddarbu.
3. HIV/AIDS afuuraan darba.
4. Koronaan walquunnamtii saalaatiin darba.
5. Dhibeewwan vaayireesiin dhufan ofirraa ittisuun hindanda'amu



## Gilgaala 3

**Dubbisa dhaggeeffatte irratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadiitiif deebii afaaniin kenni.**

1. Garaagarummaan dhukkuboota baakteeriyaafi vaayireesiin bu'uureffatanii maali?
2. Utaalloon/ ukaan akkamiin namarra namatti daddarba?
3. Ka'umsi baakteeriyaa dhukkuba fiduu maali?
4. Koronaa fi HIV/AIDSn maaliin walfakkaatu?
5. Osoo koronaan Itoophiyaa hinseenne ta'ee, maaltu ta'a jetta?

## Barannoo 2: Dubbachuu



### Gilgaala 4

**Matadureewwan kanaan gadii keessaa tokko filadhuutii falmii irratti geggeessi. Yaada kee ammoo ragaan deggeruun amansiisuu yaali.**

1. Dhukkuboota daddarboo ittisuuf malli gaariin mana yaalaa deemuudha.
2. Dhukkuboota daddarboo ittisuuf malli gaariin qulqullina ofii eeggachuudha.

## Barannoo 3: Dubbisuu



### Gilgaala 5


**Muuxannoo keerratti hundaa'uun gaaffilee kanaan gadii afaaniin deebisi.**

1. Waa'ee koronaa maal beekta?
2. Miidhaa akkamii geessise?
3. Hiika jechoota a - c jiraniin tilmaami.
  - a. hube
  - b. dandamate
  - c. gaaga'e



### Gilgaala 6

**Dubbisa itti aanee jiru dubbisaa caatoo itti aanu guuti.**



## Miidhaa Koronaa

Bara 2019 irraa eegalee dhalli namaa diina dhokataan ‘invisible enemy’ waraanamaa jira. Waraanni kun beekaa-wallaalaa, soossa-iiyyeessa, adii-gurraacha hinfo’u. Kanarraa ka’uun dhala namaatiif diina waloo ta’e. Diinni kun dhibee koronaa jedhamudha. Akka Dhaabbanni Fayyaa Addunyaa ibsutti, koronaan dhibee balaafamaa dhala namaa unkuraa jirudha. Koronaa (COVID-19) kan jedhu jechoota ‘Corono Virous Disease’ jedhaman qubeewwan gara jalqabaa fudhatamuun moggaasame. Lakkoofsi sarara xiqqaa boodaa ammoo bara dhukkubni kun itti mudate agarsiisa. Kanaafuu, koronaan dhibee bara 2019 keessa biyya Chaayinaa Magaalaa Huhaan jedhamtu keessatti argamedha. Yeroo gabaabaa keessatti biyyoota hedduu waliin gahee miidhaa guddaas geessisaa jira.

Koronaan miidhaalee fayyaa, dinagdee, xinsammufi hawaasummaa irraa **dandamachuun** ulfaataa ta’e qaqqabsiisee jira. Dhibeen kun biyyoota guddatanis ta’ee guddachaa jiran keessatti lubbuu namoota baayyee **galaafate**. Fakkeenyaaf, biyyoota akka Xaaliyaanii, Faransaayii, Jaarman, Ingiliziifi Amarikaa keesaatti lakkoofsi namoota koronaan du’anii hedduudha. Biyyoota kana keessatti

namoota dhibichaan lubbuun isaanii darbe bakkiifi sanduuqni awwaalchaallee nihanqate. Biyyoota Afrikaafaa keessattis dhukkubichi namoota kumaatamaan lakkaa'amu galaafate. Kanarraa ka'uun qorattoonni hedduun dhibeen kun diina waloofi diina dhokataa akkasumas, tokkoomsaa jechuun wamama.

Dhibeen koronaa, dinagdee biyyaa garmalee **hube**. Hubaatii dinagdeetiif bu'uura kan ta'e ammoo namoonni bilisaan socho'anii oomishaafi oomishtummaa isaanii guddifachuu dadhabuu isaaniiti. Gama daldalaatiin, namoonni biyya keessaas ta'ee biyya alaati mi'a fidanii gabaaf dhiyeessuu hindandeenye. Fayyadamtoonnis dhibicha sodaachuurraan kan ka'e mi'uma gabaarra jirullee bitatanii itti fayyadamuu hindandeenye. Kanaafuu, walitti dhufeenyi dhiyeessaafi fayyadamaa addaan cituun miidhaa guddaa **qaqabsiise**. Gama oomisha midhaaniifi horsiisa looniitiinis qonnaan bultoonni hojii isaanii sirriitti hojjechuu dadhaban. Kun ammoo sadarkaa nama dhuunfaatii eegalee hanga gareetti, akkasumas, hanga biyyaatti gama oomishaatiinis ta'ee dhiyeessaatiin sochii dinagdee **takaale**. Kanarraan kan ka'e, galiin biyyoota hedduu garmalee gadi bu'e.

Hundarra ammoo koronaan miidhaa xinsammuu namarraan gahe guddaadha. Biyyoonni saayinsiifi teekinooloojiin guddatan, kanneen rakkoo mudatuuf **fala waarawaa** fiduu danda'u jedhamanii abdataman, namoonni hedduunillee jaratti **baqatanii** du'a oolaa turan, ofiifuu kan isaan **oolchu** dadhabuun yaaddoo keessatti nama gate. Jireenyaafis abdi nama kutachiise. Ogeeyyiin fayyaa, warri dhukkubsataan itti dheessee du'uu oolu, ofii isaaniitiifuu ogeessa itti dheessan dhaban. Dhibichi guddina beekumsaa, aangoo siyaasaa, baayyina qabeenyaafi cimina fooniitiin isa irraa hafamu ta'uu dinnaan, hunduu mana cufatee ijaan argaa walbaqate. Namni hunduu har'a moo boru jechuun dhukkubicha ofirratti eeguun miidhaan xinsammuu isarra gahe olanaadha.

Gama hawaasummaatiinis miidhaan koronaan geessisse hedduudha. Hawaasni biyyaa biyyatti, naanno naannootti, akkasumas godinaa godinatti socho'ee **waltumsuun** nihafe. Daboo bahanii, daadoo naqatanii akkasumas, jigii bahanii walgargaaruun safuu ta'e. Waliin nyaatanii, waliin dhuguun, waliin sirbanii waliin dhiichisuun daangaa godhate. Akka baran dhiisanii akka baraatti buluufuu carraatu dhibe. Boo'anii walawwaaluun, reeffa firaa sagal gargalchuunis

nihawwame. Haala kanaan jireenya hawaasummaa *nilaamshesse*.

Walumaagalatti, koronaan dhibee beekaa wallaalchise, guddaa xiqqeesse, baay'inayarseefi qalbii namaa dhoradha. *Gaaga'amni* inni lubbuu namaarraa gahe yoomiyyuu *hinirraafatamu*. Miidhaan inni dinagdeerratti fide *bayyaannachuuf* yeroo dheeraa gaafata. Qalbiin namaa cabes waan dafee fayyu hinfakkaatu. Haata'u malee, talaalli fudhachuun, golgaa afaaniifi funyaanii keewwaachuun, fageenya qaamaa eeggachuufi harka saamunaafi bishaaniin dhiqachuun dhibee kanarraa of eeguun nidanda'ama abdiin jedhutu jira.



## Gilgala 7

**Odeeffannoo dubbisarraa argatteen deebii sirrii isa ta'e filadhu.**

1. Namoota dhibee koronaan qabaman kophaatti baasuun maaliif barbaachise?
  - A. Faca'iinsa dhukkubichaa ittisuuf
  - B. Wal'aansa addaa waan barbaadaniif
  - C. Qabamnaan fayyuun waan hindanda'amneef
  - D. Deebiin sirrii ta'e hindhiyaanne
2. Koronaan jalqaba eessatti argame?
  - A. Awurooppaatti
  - B. Eshiyaatti
  - C. Afirikaatti
  - D. Awustraliyaatti
3. Dhibeen koronaa diina waloo kan jedhameef maaliifi?
  - A. Namoota hedduu waan galaafateef
  - B. Beekumsaafi qabeenyaan irraa hafuun waan dadhabameef
  - C. Tokkummaan kaanaan balleessuun waan danda'amuuf
  - D. Biyyoota hunda waan waliin gaheef
4. Akka ogeeyyiin fayyaa ibsanitti waraanni dhokataan 2019 addunyaatti baname maali?
  - A. Yaaddoo
  - B. Dhukkuba
  - C. Sodaa
  - D. Hunda

5. Dhibeen koronaa maaliif waraana dhokataa jedhame?
  - A. qorichi isaa waan dhabameef
  - B. ka'umsi isaa waan wallaalameef
  - C. dhibee garaa keessaa wan ta'eef
  - D. "C" malee hunduu deebiidha
6. Miidhaa hawaasummaa jedhamuun dubbisa keessatti kan dhiyaate kami?
  - A. Daboo kadhatanii hojjechiifachuu dadhabuu
  - B. Jigii bahanii walii hojjechuuf carraan dhibuu
  - C. Daadoo naqatanii walgargaaruun dadhabamuu
  - D. Hunduu deebii ta'uu danda'a.
7. Dhibee koronaa irraan kan ka'e xinsammuun hawaasaa akkamiin miidhame?
  - A. Ogeessi dhibicharraa nama baraaruun dadhabuu isaatiin
  - B. Ogeessi dhibicharraa of baraaruun dadhabuu isaatiin
  - C. Guddinni saayinsiifi teekinooloojiin fala ta'uu dadhaabuun
  - D. Kan dhiyaatan hunduu deebii ta'uu danda'u
8. Booyanii walawwaaluun, reeffa firaa sagal garagalchuu dhabuun maaliif hawwame?
  - A. Namni dhibee kanaan qabame waan kophaatti baafamuuf
  - B. hunduu dhibichaan qabamee walgargaaruun waan dadhabeeff
  - C. nama dhibichaan qabame wal'aanuun waan hinbarbaachifneef
  - D. namni koronaan qabame garmalee waan dhiphatuuf
9. Koronaan akkamiin dinagdee biyyaa miidhe?
  - A. Sochii hawaasaa daangessuun
  - B. Bitanii gurguruu dhoowwuun
  - C. Oomishuun dhiyeessuu dadhabsiisuun
  - D. Hunduu deebii ta'uu danda'u
10. Kanneen keessaa dhibee koronaa ittisuuf malli ogeeyyiin dhiyessan kami?
  - A. Aguuggii afaaniifi funyaanii keewwachuu
  - B. Harka saamunaafi bishaaniin dhiqachuu
  - C. Fageenya qaamaa eeggachuu
  - D. Hunduu deebii ta'uu danda'u

## Barannoo 4: Barreessuu



### Gilgaala 8

**Akkaataa fakkeenya kennameetti maqaafi maqaa walitti fiduun barreessi.**

Fakkenya:     mana + citaa   – mana citaa  
                   huccuu + jirbii - huccuu jirbii  
                   bishaan + dhugaatii - bishaan dhugaatii

1. \_\_\_\_\_
2. \_\_\_\_\_
3. \_\_\_\_\_
4. \_\_\_\_\_
5. \_\_\_\_\_



### Gilgaala 9

Akka fakkeenya siif kennameetti jechoota walitti dhufuun ijaaraman addaan baasuun barreessi.

1. sangaa foonii = sangaa +foon
2. farsoo garbuu = \_\_\_\_\_ + \_\_\_\_\_
3. sabbata Waaqaa = \_\_\_\_\_ + \_\_\_\_\_
4. bosona cillimoo = \_\_\_\_\_ + \_\_\_\_\_
5. gobbuu sayyoo \_\_\_\_\_ + \_\_\_\_\_
6. haadha ormaa = \_\_\_\_\_ + \_\_\_\_\_
7. aadaa nyaataa = \_\_\_\_\_ + \_\_\_\_\_
8. dhaloota qubee \_\_\_\_\_ + \_\_\_\_\_
9. madda annisaa = \_\_\_\_\_ + \_\_\_\_\_
10. abbaa firaa = \_\_\_\_\_ + \_\_\_\_\_

## Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa



### Gilgaala 10

**Jechoota gaditti kennamaniif hiika isaan dubbisa dhiyaate keesatti qaban barreessi**

- |                     |          |
|---------------------|----------|
| 1. gaaga'ama        | (Key. 6) |
| 2. galaafate        | (key.2)  |
| 3. dandamachuu      | (key. 2) |
| 4. hube             | (key.3)  |
| 5. qaqqabsiise      | (key. 3) |
| 6. takaale          | (key.3)  |
| 7. baqatanii        | (key.4)  |
| 8. fala waarawaa    | (key.4)  |
| 9. laamshesse       | (key 5)  |
| 10. hinirraanfatamu | (key 6)  |

## Barannoo 6: Caasluga



### Gilgaala 11

**A. Himoota kennaman keessaa tajaajila maqibsaa jechoota raawwatan baasii barreessi.**

Fakkenya:

1. Dhibeen koronaa lubbuu namoota baayyee galaafate.

Maqibsa – *baayyee*

2. Namni garraamiin bade hinbadu.

Maqibsa: *garraamii*

- 1) Namni tokko ija lama, gurra lamaafi quba harkaa kudhan qaba.
- 2) Koronaan yeroo gabaabaa keessatti biyyoota hedduu waliin gahe.
- 3) Biyyi keenya qabeenyaa uumamaatiin badhaatuudha.
- 4) Sangaan magaalli gaafa dheeraa sun kooti.
- 5) Nama dondharra nama arjaatu fira qaba.

**B. Gabatee armaan gadii keessatti tajaajila maqibsoota dhiyaatanii mallattoo (√) kaa'uun akaakuu isaanii agarsiisi.**

Maqibsa	Akeektuu	Amalaa	Bifaa	Hammamii	Hangaa
magaala			√		
lama					
gabaabaa					
keenya					
koo					
dondha					
sun					



**Maqibsaafi Akaakuu Isa**

Jechi maqibsa jedhu maqaafi ibsa kan jedhurraa uumame. Tajaajilli isaas maqaa ibsuudha. Afaan Oromoo keessatti maqibsa booda galuudhaan tajaajila ibsuu kana raawwata. Maqibsiin akaakuu garaagaraa qaba. Isaan keessaa muraasni maqibsa akeektuu, maqibsa qabeenyaa, maqibsa amalaa, maqinsa bifaa, maqibsa ammamii, hangafi wkf ta'a.

## Boqonnaa 5: Deeggarsa Addaa

### Kayyoowwan

#### Xumura boqonnaa knaatti:

- ✘ barruu dhiyaate dhaggeeffachuun dhaamsa waliigalaa nihubatta;
- ✘ dubbisa garagaraa dubbisuudhaan hubannoo xiyyeeffannoo hawaasaa ta'e argachuu nidandeessa;
- ✘ dhaamsa waliigalaafi murtaahoo dubbisa keessatti dhiyaate nihubatta;
- ✘ bamaqaa bakka maqaa buusuudhaan barreessuu nidandeessa;
- ✘ hariiroo jechoota hidhata qaama xiqqaafi guddaa agarsiisaniidubbiifi barreeffama keessatti nifayyadamta;
- ✘ gochimaafi akaakuu isaa addaam baafta.



### Gilgala 1

#### Barruu siif dhiyaatu dhaggeeffachuun dura gaaffilee kanaa gadii irratti mari'adhaati afaaniin dareef ibsi.

1. Namni fedhii isaa sababa garagaraan guuttachuu hindandeenye akkamiin milkaa'uu danda'a?
2. Naannoo keetti qaamota hawaasaa kamtu deeggarsa addaa barbaada?
3. Namni nama irraa deeggarsa hinbarbaanne jira jettee yaaddaa? Akkamitti?
4. Fakkiin asitti dhiyaate kun mataduree maal waliin walqabata?

### Barannoo 1: Dhaggeeffachuu



## Deeggarsa Addaa



### Gilgaala 2

**Barruu siif dhiyaate dhaggeeffachaa kan dogoggora ta'e soba, kan sirrii ta'e immoo dhugaa jechuun deebii kenni.**

1. Mana barumsaa tokko keessatti barattoonni fedhii tokkuma qabu waanta'eef, deeggarsa addaa hinbarbaadan.
2. Waldeeggaruun ammayyooma waanta'eef, jajjabeeffamuu qaba.
3. Maatiin daa'imman isaanii dhibee sammuu qaban yoo jiraatan, mana barumsaatti beeksisuu qabu.
4. Barattoonni dhibee sammuu qaban deeggarsa argannaan barnootaan nimilkaahu.
5. Barattoonni mana barumsaa tokkotti baratan deeggarsa addaa waliif gochuu hindanda'an.



### Gilgaala 3

**Gaaffilee barruu dhaggeeffatte keessaa ba'an, deebii isaanii barreessuun afaaniin immoo dareef ibsi.**

1. Daa'imman miidhama sammuu qaban akka barataniif of danda'aniif maatii irraa maaltu eegama?
2. Mana barumsaa keessatti barattoota sababa miidhama qaamaatiin rakkoo qaban deeggaruun maaliif barbaachisa?
3. Kanneen miidhama ijaa, gurraafi sammuu qaban keessaa kamtu irra caalaa deeggarsa addaa barbaada? Maaliif?
4. Barattoota qaroo dhabeeyyii ta'aniif meeshaaleen barbaachisan maal fa'i?
5. Deggarsi barbaachisaan daa'ima deeggarsa addaa barbaadaniif akka hindhiyaanne taasisan maal fa'i?
6. Deeggarsa qaama miidhamtootaaf barbaachisu keessaa inni guddaan maali?

## Barannoo 2: Dubbachuu



### Gilgaala 4

**Sheekkoo matadureen isaa *Bineensota Afran* jedhu dubbisiiti gaaffilee irratti hundaa'uun dubbadhu.**

1. Gochaalee waraabeesaa, jaldeessaa, leencaafi adurree waldorgomsiisuun, amala tokko tokkoo isaanii madaalii daree keessatti afaaniin ibsi.
2. Waan leenci waraabessa irratti raawwateefi adurreen leenca irratti raawwate sirriidhamoo miti? Falmii amansiisi.
3. Sheekkoo beektu gara biraa hiriyyota keetti himi.



### Sheekkoo (Bineensota Afran)

Yeroo tokko leenca, waraabessa, jaldeessaafi adurreen waliin karaa deema turan. Osuma deemanii sangaa, jibicha, re'eefi lukkuutti ba'an. Waan baay'ee beela'aniif, akkuma itti ba'aniin nyaachuu fedhan. Yaada isaanii kana kan irratti bare leenci hundaafuu gaaffii dhiyeesse. Jalqaba kan gaafatame waraabessa ture. "Akkamitti haanyaannu waraaboo?" jedheen. Waraabessis deebisee, "Gooftaa koo, sangaan kan keessani; jibichi kooti; re'een kan jaldeessaati; lukkuun immoo kan adurreeti," jedheen. Osoo inni dubbatee hinbuufatiin aboote lafaan dhahe leenci. Warri kaan na'anii adoodani. Itti aansee jaldeessa gaafate. "Atooo jaldo?" jedheen. Innis deebisee, "Gooftaa koo, sangaan laaqana; jibichi irbaata; re'een ciree akksumas, lukkuun ammoo ebeleessoo keessan ta'u kaa!" jedheen. Yaanni isaa obbo guddaa ajaa'ibee, "Kana eenyu si gorse?" jedheen. Jaldoonis deebisee "Ija laafaa buute kaa gooftaa koo," jedheen. Dhuma irratti, "Atooo hurro?" jedheen. Waan waraabessa mudateefi deebii jaldeessaa hubattee, osoo deebii hinkenniin dura, "Huubatu ija sin lixa jira isiniifan fuudha," jetteen. "Tole," jedhee itti qabnaan, ija lamaanitti quba dhoofta dhangalaafte. Battaluma sanaan utaaltee muka keessa badde. Arguu waaan hindandeenyeef, osoo ishee qabuuf fiiguu bowwaa lixee cacaabee du'e. Kanneen biroon immoo qabeenyicha qooddachaa jireenya eegalani.

## Barannoo 3: Dubbisuu



### Gilgaala 5

**Muuxannoo duraan qabdurratti hundaa’uun gaaffiilee armaan gadiif afaaniin deebii kenni.**

1. Qaama miidhamtoota jechuun maali?
2. Qaama miidhamtoota mana barumsaa kanatti, yookaan naannawaa keetti maal gootee deeggartee beekta?
3. Qaama miidhamtootaaf deeggarsi maaliif barbaachisa jettee yaaadda?



### Gilgaala 6

**Dubbisa armaan gadii callisaafi xiyyeeffannoon dubbisuun yanni dhiyaate sirrii yoo ta’e *dhugaa*, yoo dogoggora ta’e, *soba* jechuun deebisi.**

1. Yeroo ammaa qaama miidhamtootaaf deeggarsi taasifamu olaanaadha.
2. Qaama miidhamtoonni kanneen biroo caalaa jireenya deegaa isa dhumaa keessa jiraatu.
3. Qaama miidhamtoonni haala mijataa argannaan dandeettii qabaniin bu’aa guddaa buusuu danda’u.
4. Qaama miidhamtootaaf deeggarsaan alatti haamilefi kabaja kennuun barbaachisaa miti.
5. Naannoo jiruufi jireenyaa qaama miidhamtootaaf mijeessuun hindanda’amu.



### Qaama Miidhamtoota Deeggaruu

Qaama miidhamtoonni akka ibsa Mootummoota Gamtoomaniin kennametti, kanneen yeroo dheeraadhaaf miidhama qaamaa, sammuu, yaaduufi narvii qabanidha. Qabata kanaan, dandeettii isaanii **si’aayinaan** hawaasa keessatti warra kaan waliin qixxee hirmaachuu isaanii irratti kanneen rakkoon mudatu qaama miidhamtoota jedhamu. Qaama miidhamtoonni kunneen

loogii isaan mudatu **dandamachuuf** deeggarsa barbaadu.

Namoonni qaamaan miidhamoo ta’an, bifa walmadaalaa hintaaneen kanneen biroo caalaa **deega** isa dhuma keessa jiraatu. Carraa barumsa idilee kanneen argatanis lakkoofsaan baay’ee muraasadha. Haalli kunis akka isaan kadhaa irratti bobba’an taasisa. Itti yaadanii, guyyaa aduufi rooba keessa, halkan qorra keessa kaa’anii kadhachiisanii warri itti fayyadamanis hedduudha. Kunniin hundi jireenyi isaanii akka **milkaa** dhabu taasiseera. Qabata kanaan kabajni namoomaa isaaniis hir’ateera.

Ilaalchi dogoggoraa, tuffiifi loogiin qaama miidhamtoota hawaasa keessaa waan ala baasuuf, sadarkaalee hawaasaa hundatti **fala** argachuu qaba. Deeggarsi barbaachisuus kennamuufii qaba. Nama dhuunfaa, maatii, hawaasa, caasaa mootummaa keessatti **kabajni** isaanii mirkanaa’uu qaba. Kanaafuu, hunduu kan danda’uun yoo deeggare qaama miidhamtummaan hojii nama hindhorku.

Haalli hawaasaafi naannoo jiruufi jireenya qaama miidhamtootaaf **mijaa’uun** akka isaan dandeettii ofiitti fayyadaman gargaara. Mana jiraannu keessatti, iddoo hojiitti, mana barnootaafi naannoo hunda keessatti akka guutuu ta’anii of danda’aniif haalli mijachuufii qaba. Fakkeenyaaf, qaro-dhabeeyyii mana barnootaa isaanii keessatti rakkoo malee socho’uu akka danda’an wantoota isaan danqan maqsuun barbaachisaadha.

Walumaagalatti, qaama miidhamtummaa jechuun qaroo dhabuu, rakkoo dhageettii qabaachuu, yookiin akka fedhanitti fiigani waan fedhan raawwachuu irratti gufuun akka jiru kan agarsiisudha. Haata’u malee, kun hojii namni biraan hojjetu hojjechuu danda’u irraa kan isaan daangessuu miti.



## Gilgaala 7

**Gaaffilee asiin gadii yaada dubbisichaarratti hundaa’ii barreessuun deebisi.**

1. Keeyyata 2ffaa keessatti jechi gurraacha’e (deega) hiikni isaa maali?
2. Qaama miidhamtoonni dandeettii isaanii hojii fedhanirra akka oolchaniif

maaltu taasifamuu qaba?

3. Bamaqaan (isaan) keeyyata 1<sup>ffaa</sup> keessatti gurraacha'e eenyun bakka bu'e?
4. Deeggarsi qaama miidhamtootaaf taasifamu haala kamiin raawwatamuu qaba?
5. Naannawa jiruufi jireenya qaama miidhamtoota akkamitti mijataa taasisuun akka danda'mu ibsi.
6. Qaama miidhamtoota deeggaruun ga'ee eenyuuti?



### Gilgaala 8

**Hiika jechoonni kanaa gadii dubbisa keessaatti qaban barreessi.**

- a. si'aayina
- b. dandamachuu
- c. fala
- d. mijaahina
- e. milkii
- f. kabaja



### Gilgaala 9

**Gaaffilee armaan gadii akkaataa gaafatamteen barreessuun deebisi**

1. Xiyyeeffannoo keeyyata 2<sup>ffaa</sup> hima tokkoon barreessi.
2. Yaanni keeyyata 5<sup>ffaa</sup> keessa jiru maal ibsa?
3. Dubbisa qaama miidhamtoota deeggaruu yaada jedhuun dhiyaate kana irraa maal hubatte?
4. Qaama miidhamtoonni ofiifis, firaafis ta'anii biyya ofii fayyaduuf maaltu hawaasa irraa eegama?
5. Haala amma jiruun ilaalchi hawaasni qaama miidhamtoota deeggaruuf qabu sadarkaa maali irraa jira jettee yaadda?

## Barannoo 4: Barreessuu

### Bamaqaa Bakka Maqaa Buusuun Barreessuu



Jechi bamaqaa jedhu jechoota lama *bakkaafi maqaa* jedhan walitti fiduudhaan kan uumamedha. Yaanni isaas bakka maqaa galuudhaan tajaajila maqaan kennu kennuudha. Himoota armaan gadii sirnaan ilaali.

Fakkeenya:

- Ayyaantuun mana barumsaa deemte. Isheen mana barumsaa deemte.
- Lataan buna danfise. Inni buna danfise.
- Barattoonni hojii daree hojjetani. Isaan hojii daree hojjetani.

Fakkeenyota dhiyaatan keessatti kanneen jala sararaman bamaqaadha. Maqaa jalqabaa (Ayyaantuu) hima tokkoffaa keessatti kan bakka bu'e, Ishee. Maqaa Lataa jedhu hima lammaffaa keessatti kan bakka bu'e, Inni. Hima sadaffaa keessatti immoo maqaa (Barattoota) jedhu kan bakka bu'e, Isaan. Kanneen bakka bu'uun tajaajilan hunduu (Ishee, Inni, Isaan) bamaqaa jedhamu. Kana malees, nuti, ani bamaqaa ta'anii tajaajilu.



### Gilgaala 10

**Maqaafi bamaqaa dhiyaatan keessaa filachuun bakka duwwaa kenname irratti galchuudhaan keeyyaticha guutuu taasisi barreessi;**

Ishee	barattoota	isheef	Tolashee	Isaanii
-------	------------	--------	----------	---------

Tolasheen shaakala daree keessaa sirnaan hojjetti. Hanaga (1) \_\_\_\_\_ daree (2) keessatti kan hirmaatan hinjiran. \_\_\_\_\_ daree ishee birattis kanumaaf jaallatami. Barsiisonni (3) \_\_\_\_\_, Lookoofi Liiban duubdeebii gaarii (4) \_\_\_\_\_ kennu. Lamaan (5) \_\_\_\_\_ ishee jaallatu.



## Gilgaala 11

**Akkaataa fakkeenya kennameen bamaqaafi maqaadhaan hima ijaari.**

Fakkeenya: Nuti

Anaafi Badhaasaan barsiisota mana barumsaa kanaati. Nuti barsiisota mana barumsaa kanaati.

- a. Isaan
- b. Roobeefi Roobaa
- c. Ishee
- d. Kuulanii
- e. Waaqoo
- f. Isa

## Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa



## Gilgaala 12

**A. Jechoota asiin gaditti kennaman keessaa isa sirrii ta'e filadhuutii bakka duwwaa kennamerratti guutii barreessi.**

bilisummaa mijeessuu Qorri hirkattummaa  
dandamatanii si'aayinaan Loogii

1. Qaama miidhamtoota jireenya \_\_\_\_\_ irraa bilisa baasuuf deeggarsi barbaachisu taasifamuufi qaba.
2. \_\_\_\_\_ tokko malee qaama miidhamtoota yoo deeggaran, akkuma nama kamiyyu biyyaafis ta'e hawaasaaf bu'aa guddaa buusuu danda'u.
3. Soorumni sooruma caalu \_\_\_\_\_ sammuuti yoo jenne soba ta'aa?
4. Yoo rakkoo mudatu \_\_\_\_\_ hojjetan kaayyoo ofii galma geessisuun nidanda'ama.
5. Naannawa jireenyaa mana barnootaa qaama miidhamtootaaf akka tolutti \_\_\_\_\_ qabna.

**B. Jechoota roga ‘A’ jala jiraniif hiika faallaa isaanii kanneen roga ‘B’ jala jiran waliin walitti firoomsi.**

	A	B
_____ 1.	Bal’ina	a. gammachuu
_____ 2.	Gadda	b. gaarii
_____ 3.	Badaa	c. dhiphina
_____ 4.	Goota	d. dinqisiifannaa
_____ 5.	Tuffii	e. tokkummaa
_____ 6.	Garaagarummaa	f. sodaataa

## Barannoo 6: Caasluga

### Gochimaafi Akaakuu Isaa



- Gochima Ta’umsaa:** ta’e, -dha, -ti  
Fakkeenya, a. Gurmeessaan gabaabaadha.  
b. Lammiin cimaa ta’e.  
c. Manni kun kan isaati.

Akaakuun gochima kanaa dhimmi tokko ta’uufi uumamuu agarsiisuuf tajaajila. Kanaafuu, kanneen jala sararaman gochimoota ta’umsaa, jechoota biroo waliin hiriirani dhimmi ta’e tokko uumamuufi ta’uu agarsiisu.

- Gochima Hafoo:** deeme, rafe, kolfe, dhufe  
Fakkeenya, a. Roobeen karaa deemte.  
b. Jaarsi nirafe.  
c. Roobaan dafee dhufe.

Jechoonni jala sararaman kunneen gochaan ta’e raawwachuu isaa agarsiisu. Garuu, raawwataarraa gara biraatti darbuu hinagarsiisu. Kanaaf hafoo jedhame.

- Gochima Darboo:** rukute, barsiiste, ajjeese  
Fakkeenya, a. Waaqoon nama rukute.  
b. Namichi bineensa ajjeese.  
c. Boontuun daa’imman barsiiste.

Himoota sadanuu akka fakkeenyaatti dhiyaatan keessatti gochaaleen raawwataman matima irraa gara antimaatti ce’anii jiru. Hima (a) keessatti gochaan rukutuu Waaqoo irraa gara namaatti darbeera. Akkasuma hima



(b) keessattis gochaan ajjeesuu namicha irraa gara bineensaatti cehee jira. Haala kanaan gochaan raawwate gara wanta irratti raawwateetti yoo cehe, gochimichi darboo ta'a jechuudha.

#### 4. Gochima Taasifamaa:

Fakkeenya, a. Namni rukutame.

b. Bunni diimate.

c. Qawween dhuka'e.

Himoota kanneen keessatti gochimooni argaman hunduu gara taasifamaatti jijjiiramnii jiru. Kanas kan agarsiisan fufiilee {-am-, -at-, -a'-} fa'i. Fufiileen kunneenis agarsiistuu akaakuu gochima kanaati.

#### 5. Gochima darboofi dacha darboo:

Fakkeenya, a. Tolaan mucaaf qubeessaa bite.

b. Kulaniin barattootatti fakkii agarsiiste.

c. Kumeen ijoollee isheetiif meeshaa taphaa bitte.

Gareen gochimaa kun aantima lama qaba. Kanaafis gochima dacha darboo jedhame. Lamaan keessaa tokko aantima kallattii, inni biroon immoo aantima miti-kallattiiti. Aantima kallattii kan jedhamu isa kallattiin matima waliin walitti dhufeenya qabudha. Aantimni mit-kallattii immoo aantima waliin hariiroo dalgeedha qaba. Himoota (a-c) jiran keessatti kan jala sararaman aantimootadha. "Mucaaf, barattootatti, ijoollee isheetiif" kan jedhan aantima mit-kallattii yoo ta'an, "qubeessaa, fakkii, meeshaa taphaa" kan jedhan immoo aantima kallattiiti.



### Gilgaala 13

**Tajaajila gochimaa himoota roga 'A' jalaa akaakuu gochimaa roga 'B' jala jiran waliin walitti firoomsii.**

A	B
_____ 1. Boontuun xalayaa barreessite.	a. Gochima darboo
_____ 2. Kumaan deeme.	b. Gochima darboofi dachaa darboo
_____ 3. Inni barsiisaadha.	c. Gochima taasifamaa
_____ 4. Inni mucaaf ciree hojjete.	d. Gochima ta'umsaa
_____ 5. Goraan bilchaate.	e. Gochima hafoo

## Boqonnaa 6: Jijjiirama Qilleensaa

### Kaayyoowwan

#### Xumura boqonnaa kanaatti:

- ✎ yaadolee waan dhaggeeffatteefi dubbistee hubatta;
- ✎ durduubeefi akaakuu isaa xiinxalta;
- ✎ jechoota hiikaan walkeessoo fayyadamta;
- ✎ maqaafi maqibsa walitti fiduun gaalee ijaarta;
- ✎ gahee dubbatanii amansiisuun jireenya keessatti qabu dinqisiifatta.

### Barannoo 1: Dhaggeeffachuu



#### Gilgaala 1

**Barruu siif dhiyaatu dhaggeeffachuun dura gaaffiilee kanaan gadii deebisi.**



1. Fakkiilee armaan olii irraa maal hubatte?
2. Kunuunsi naannoo bu'aa akkami qaba?
3. Waa'ee jijjiirama qillensaa maal beekta?
4. Hiika jechoota kanaan gadii tilmaami. Tilmaammii kees fakkeenyaan deggeruun ibsi.

a. jijjiirama      b. qilleensa      c. karboondaayooksaayidii



### Gilgaala 2

**Yaadolee roga 'A' fi 'B'jalatti dhiyaatan dabtara keerratti garagalfachuun barruu siif dubbisamu dhaggeeffachaa ibsa isaanii walitti firoomsi.**

A

B

- |   |  |
|---|--|
| 1. Hiika jijjiirama qillensaa           | A. Manca'iinsa bosonaafi gaasii gubataa                    |
| 2. Qabata jijjiirama qilleensaa         | B. Ho'aarraa gara diilallaa ykn diilallarrra gara ho'aatti |
| 3. Ka'umsa qilleensa jireenyaaf mijatuu | C. Karboondaayooksaayidii                                  |
| 4. Qilleensa Mukkeen ofitti fudhatan    | D. Ooksijiinii   |
| 5. Qilleensa namni ol fudhatu           | E. Naannoo Kunuunsuufi biqiltuu dhaabuu                    |



### Gilgaala 3

**Odeeffannoo dubbisa dhaggeeffatterraa argatte bu'uureffachuun gaaffilee gadii deebisi.**

1. Jijjiirama qilleensaatiif qabanni guddaan maali?
2. Bu'aafi miidhaa kallattiin jijjiirama qilleensaa qabu maali?
3. Qilleensi jijjiiramuufi dhiisuu isaa akkamiin beekna?
4. Manca'iinsi bosonaa akkamiin jijjiirama qilleensaa fida?
5. Afuuruma isa qaama keenya keessaa bahu deebifnee osoo ol fudhannee maal ta'a jetta?

## Barannoo 2: Dubbachuu



### Gilgaala 4

**Fakkeenya siif kenname hordofuun gaaffilee armaan gadii afaaniin deebisi.**

- Fakkenya:
1. Dubbii gala malee baha hindhowwan.
  2. Ijji lugna; harki goota.

Mammaaksi inni duraa nama tokko dubbii afaanitti qabuun ykn akka inni hindubbanne taasisuun sirrii akka hintaane, erga dubbatee garuu waan dubbate sababaan akka deggeru ykn ragaa akka dhiyeessu taasisuun barbaachisaa ta'uu hubachiisuuf mammaaksama. Inni lammataa ammoo hojii tokko eegallaan raawwatamuun isaa waan hinoolle ta'uufi osoon hineegaliin yaaduu malee yaadda'uun sirrii akka hintaane barsiisuuf mammaakama.



1. Sa'a abbaan gaafa cabse ormi ija jaamsa.
2. Abbaatu of mara jedhe bofni.
3. Miilla lama qabaataniif muka lama hinkoran.
4. Waacabsan waacabsan.
5. Ol kaa'an malee ol ka'anii hinfuudhan.

## Barannoo 3: Dubbisuu



### Gilgaala 5

**Barruu dhiyaate dubbisuun dura gaaffilee armaan gadii afaaniin deebisi.**

1. Waa'ee bosonaa waan beektu hiriya keetti himi.
2. Bu'aa bosonni qabu tarressi.
3. Jechoota armaan gadiitti hima ijaaruu hiika isaanii tilmaami
  - a. manca'uu
  - b. sochii
  - c. bosona



## Gilgaala 6

**Bakka duwwaa kana dabtara keerratti garagalfachuun barruu itti aanee jiru dubbisaa guuti.**

1. Ulaagaa bosonni ittiin madaalamu
  - a. \_\_\_\_\_
  - b. \_\_\_\_\_
  - c. \_\_\_\_\_
2. Wantoota manca'iinsa bosonaa fidan
  - a. \_\_\_\_\_
  - b. \_\_\_\_\_
  - a. \_\_\_\_\_
  - a. \_\_\_\_\_
3. Sochiilee oomisha callaa kan bosona mancaasan
  - a. \_\_\_\_\_
  - a. \_\_\_\_\_
4. Sochiilee misoomaa bosona miidhan
  - a. \_\_\_\_\_
  - a. \_\_\_\_\_
  - a. \_\_\_\_\_
5. Miidhaa manca'iinsa bosonaatiin dhufu
  - a. \_\_\_\_\_
  - b. \_\_\_\_\_
  - c. \_\_\_\_\_



## Manca'iinsa Bosonaa

Bosonni tuuta mukkeen lafa uffisee jiruuti. Mukkeen lafa uwwisan bosona ta'uun isaanii hanga gobbina, dheerinaafi bal'ina lafa irratti argamaniitiin madaalamu. Akka addunyaatti haala bosonni irra jirurratti qorannon bara 2020 keessa geggeessame yoo ibsu, bosona jedhamuuf lafti heektaara walakkaa ol ta'u mukkeen meetira shanii ol dhedheerataniin uwwifamuu qaba jedha. Haala kanaan akka addunyaatti lafti bosonaan uwwisame yeroodhaa yerootti xiqqaachaa deema. Kanaafis qabanni guddaan manca'iinsa bosonaati.

Manca'iinsi bosonaa adeemsa akaakuu mukkeenii bosona keessaa balleessuu, gobbinnaa bosonaa haphisuufi qulqullina isaa hir'isuun lafa mukkeeniin uwwifamee jiru gara lafa duwwaatti jijjiirudha.

Manca'iinsi bosonaa karaa adda addaa raawwatama. Isaan keessaa muraasni sochii ijaarsaa, oomisha calla, qubsumaa uummataafi carraaqqii misoomaati. Sochiileen ijaarsaa namni guyyaa guyyaatti taasisu harki caalaan isaanii mukarratti hundaa'u. Sochiileen kun sadarkaa namni dhuunfaan godoo xiqqoo ijaaruuf taasisuurraa eegalee hanga gareen manneen gurguddaa kanneen akka gamoo daldalaa, waajjira mootummaa, manneen barnootaafi wkf ijaaruutti mukkeen muramu ilaallata. Biyyoota hedduu keessatti bakka muka muramee biqiltuu dhaabuun bakka buusuun hinbaramne. Kanaafuu, qabata ijaarsaatiin lafti duraan mukkeen ofirraa qabu dhawaata gara onaatti jijjiiramaa deema.

Sochiin oomisha callaatiif taasisamus manca'iinsa bosonaatiif qabata guddaadha. Biyyoonni qonnaan bulan hedduun isaanii bosona ciruun lafa qonnaa qopheeffatu. Kun ammoo namoota galii gadaanaa qabaniifi humna namaafi beelladaatiin oomishanii hanga dibeena/investera maashinaan oomishaniitti geggeessama. Hundinuu bosona ciranii gubuun midhaan oomishu. Bosona ciran kanarraa ammoo cilee baasanii itti fayyadamu; gabaadhaafis dhiyeessu. Adeemsi callaa oomishuufi cilee gubuun galii argachuuf taasisamus bosona manca'iinsa. Kana malees, qubanni uummataa manca'iinsa bosonaa fida. Muuxannoo biyyoota garaagaraarraa akka hubatamutti yeroo baayyee namoonni qe'ee isaaniirraa lolaanis ta'u lola'aadhaan buqqa'an lafa moggaa qarqara bosonaarra qubsiisamu. Qubattooni kunis jireenya isaanii fooyyeffachuuf mukkeen naannoo isaanii muranii manaafi dallaa ittiin ijaarratu. Mukkeen muranii gubuun cilee qopheeffachuun galii argachuuf dirqamu. Mukkeen muranii gogsuun qoraan taasisanii nyaata ittiin bilcheeffatu. Sochiin akkasii kunis kallattiinis ta'ee alkallaattiin manca'iinsa bosonaa qaqqabsiisa.

Maqaa misoomaatinillee bosonni nimanca'a. Warshaa dhaabuu, karaa baasuufi magaalaa baballisuuf sochiileen taasisaman manca'uu bosonaa keessaa gahee qabu. Warshaalee oomisha garaagaraa kanneen akka simmintoo, biiraa, dhagaa cileefi wkf dhaabuuf bosonni nicirama. Karaa gurguddaa daangaa biyyaa ce'anii deemanis ta'ee karaa xixiqqaan biyya keessa naanna'an bosonarraan miidhaa geessisu. Magaalaa babal'isuuf carraaqqiin biyya tokko keessatti tasisamu

miidhan inni bosonarraan gahu guddaadha. Kanaafuu, biyya misoomsuuf tattaaffiin taasisamus bosona mancaasuu keessaa gahee qaba jechuudha.

Manca'iinsi bosonaa kallattiinis ta'ee alkallattiin jijjiirama qilleensaa geessisa. Bosonni manca'uun kaarboon daayi ooksaayidiin qilleensa keessatti akka baayyatu, ooksiijiiniin ammoo akka qillensa keessaa haphatu taasisa. Qabanni isaa bilqiltoonni ooksiijiinii baasuun kaarboon daayi ooksaayidii fudhatan yoo hinjirre, qilleensi ooksiijiiniin badhaadhe kan dhalli namaa itti fayyadamu nihapahata. Inni gubataan namaafi waan namni itti fayyadamu keessaa bahu ammoo bakka dhaqu dhabuun qilleensa ho'isa. Qilleensi diilallaa'aan haphataa, inni ho'aan gobbataa deemuun ammo gammoojjummaa babali'sa. Kun ammoo jireenya ulfaataa taasisurra taree gaaga'ama lubbuus geessisa. Kanaafuu, bosona mancaasuurraa of qusachuu qabna.



## Gilgaala 7

### A. Gaaffiilee dhiyaatan kan sirrii ta'e dhugaa yoo dogoggora ta'e immoo soba jechuun deebisuun, deebii kees sababaan deeggari.

1. Manca'iinsa bosonaatiif qabanni guddaan sochii dhalli namaa taasisudha.
2. Qabanni uummataa kunuunsa malee manca'iinsa bosonaatiif qabata hinta'u.
3. Sochiileen ijaarsaa guyya guyyaatti taasisamu jijjiirama qilleensaa qaqqabsiisa.
4. Biqiltoonni karboondaayi'ooksaayidii, dhalli namaa ammoo ooksiijiinii fayyadamu.
5. Bu'uuraalee misoomaa babal'isuun bosona waan mancaasuuf, hafuu qaba.

### B. Odeffannoo dubbisarraa argatteen gaaffiilee dhiyaatan afaaniin deebisi.

1. Jijjiirama qilleensaatiif wantoonni qabata ta'an maal maal fa'i?
2. Sochiin ijaarsaa osoo bosona hinmiidhin akkamiin geggeeffamuu danda'a?
3. Bosona mancaasuun akkamiin gammoojjummaan akka babal'atu taasisa?

4. Dhalli namaa sochiilee kamiinuu yoo dhaabe bosonni hinmanca'u jettee yaaddaa?
5. Jijiiramni qilleensaa addunyaarratti akka yaaddootti maaliif ilaalama?
6. Bosona kunuunsuu keessatti gaheen hawaasaa maal ta'uu qaba jettaa?

## Barannoo 4: Barressuu



### Gilgaala 8

**Kakkeenya kenname bu'uureffachuun jechoota walitti dhufuun gaalee ijaraan keessaa kamtu maqaa, kamtu maqibsa akka ta'e addaan baasuun barreessi.**

- Fakkeenya:
1. Sangaa diimaa  
     sangaa - maqaadha  
     diimaa - maqibsa
  2. Wayyaa haphii  
     Wayyaa - maqaadha  
     Haphii - maqibsa

1. Re'ee xiiloo  
     Maqaa \_\_\_\_\_  
     Maqibsa \_\_\_\_\_
2. Farda odolcha  
     Maqaa \_\_\_\_\_  
     Maqibsa \_\_\_\_\_
3. Mukkeen qaqalloo  
     Maqaa \_\_\_\_\_  
     Maqibsa \_\_\_\_\_
4. Intala bareedduu  
     Maqaa \_\_\_\_\_  
     Maqibsa \_\_\_\_\_
5. Kutaa bal'aa  
     Maqaa \_\_\_\_\_  
     Maqibsa \_\_\_\_\_



### Gilgaala 9

**Akkataa fakkeenya kennameetti maqaafi maqibsa walitti fiduun barreessi.**

Maqaa	Maqibsa	Gaalee ijaarame
Mana	guddaa	Mana guddaa
Amala	gaarii	Amala gaarii
-----	-----	-----
-----	-----	-----
-----	-----	-----
-----	-----	-----
-----	-----	-----


### Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa




### Gilgaala 10

**Caatoo dhiyaate keessatti jechoota hiikaan walkeessoo barreessi.**

Fakkenya:





## Jechoota hiikaan walkeessoo



Jechoonni hiikaan walkeessoo warra hiikni isaanii walkeessa jirudha.

Jechoonni akkasii kun hidhata qaamni xiqqaan warra guddaa waliin qabu

bu'uureffachuun argamu. Hiikni jecha isa tokkoo dhiyaannaan kan isa

hafee tilmaamuun ykn yaaduun hinrakkisu. Qabanni isaa hiikni jechoota

akkasii kun gama hariiroo miiraatiin hidhata guddaa waan qabuufi.

## Barannoo 6: Caasluga



### Gilgaala 11

**Fakkeenya siif kenname hordofuun himoota kennaman keessaa durduubeefi akaakuu isaanii addaan baasi**

Fakkeenya:

1. Daraartuun gara mana barumsaa deemte.
2. Waariyyon mana barumsaatii gale.
3. Duulaan akka akaakayyuu isaa dubbata.
4. Loomen erga hojii argattee bubbultee jirti.

Lak.	durduubee	Akaakuu durduubee			
		hirkataa	of danda'aa	garduree	garduubee
1	Gara	x	√	√	x
2	-tii	√	x	x	√
3	Akka	x	√	√	x
4	Erga	x	√	√	x

1. Jirgifeen hanga manaatti Guyyoo geggeessite.
2. Hordofaan fardaan midhaan guure.
3. Erga waraabessi darbee sareen dutti.
4. Akka garaa harki surree hinmuru jedhama.
5. Obbo Giiloon mana jalatti farda hidhe.

## Durduubeefi Akaakuu Isaa



Jechi dueduubee jedhu jechoota *duraafi duuba* jedhanirraa uumame. Caasaadhaan, dura ykn duuba maqaa galuun hidhata maqaan sun jechoota kanneen biroo waliin qabu ifa baasa. Tajaajilaan garuu hidhanni durduubee gochibsa/dabala xumuraa waliini. Durduubee bakka isaan itti argaman irratti hundaa'uun dureefi duubee jedhama. Warri dura maqaatti argaman gara, akka, ergaafi wkf ta'uu malu. Warri duuba maqaatti argaman ammoo kanneen akka jala, cina, irra, -tti,-n fi wkf ta'u. Caasaa isaanitiin ammoo hirkataafi walaba jechuun qooduu dandeenya. Hirkataan kan of danda'ee akka jechaatti hindhaabanne, garuu jechootatti maxxanuun tajaajilanidha. Isaanis -n, -dhaan, -tti fi wkf ta'u. Durduubeen walabni ammoo jala, irra, keessa, gara, akka fi wkf maqaa dha'uun nidanda'ama.

## Boqonnaa 7: Tokkummaa Addaddummaa Keessaa

### Kayyoowwan

#### Xumura boqonnaa knaatti:

- ✗ barreeffama waa'ee afheddummaa irratti qophaahe dhaggeeffatee yaada ijoo isaa ni'ibsita;
- ✗ faaruwwan xiinxaltee nidubbatta;
- ✗ barruu dubbisuun ergaa waliigalaa madaaluu nidandeessa;
- ✗ maqaafi durduubee waliitti fiduun himoota garaagara gahumsa qabu nibarreessita;
- ✗ yaadimee jechoota ergisaa hubachuun barruufi dubbii keessatti sirnaan gargaaramuu nidandeessa;
- ✗ fufiilee (danoomina) gara garaa fayyadama afaanii keessatti niagarsiifta;
- ✗ Addadummaf yaada gaarii nihoratta.

### Barannoo 1: Dhaggeeffachuu



#### Gilgala 1

**Dubbisa mataduree “Afheddummaa” jedhu siif dubbifamu dhaggeeffachuun dura gaaffiilee asii gadii cimditiin mari'adhaatii afaaniin dareef ibsi.**

1. Afheddummaa jechuun maal jechuudha?
2. Naannoo keetti afheddummaa moo aftokkummaatu hedduumaata?  
Maaliif sitti fakkaaata?
3. Afheddummaan bu'aawwan akkamii qaba?
4. Afaan tokkoo oliin waliigaluu danda'uun haaloota akkamii keessatti bu'aa akka qabu ibsi.

## Afheddummaa



### Gilgaala 2

**Barruu siif dhiyaatu dhaggeeffachaa kan dogoggora ta'e soba, kan sirrii ta'e immoo dhugaa jechuun deebii kenni.**

1. Afheddummaan bu'aa isaa irraa midhaan isaa nicaala.
2. Yoo imaammata waliqixxummaa afaanii jajjabeessuun qajeelfame afheddummaan qabeenya gaariidha.
3. Afheddummaan kan hawaasaafi kan nama dhuunfaa jedhamuun bakka lamatti qoodama.
4. Afaanota lama qofa beekuun gahaa waan ta'eef, aflamee ta'uu malee afheddee ta'uun bu'aan isaa xiqqaadha.
5. Kabajuuf jecha qofa osoo hintaane, afheddee ta'uu keessa beekumsaafi muuxannoon gonfatamu guddaadha.



### Gilgaala 3

**Gaaffilee asiin gadii dubbisa dhaggeeffatte irratti hundaa'ii deebii isaanii barreessuun afaaniin dareef ibsi.**

1. Jechi afheddummaa jedhu jechoota Afaan Oromoo kamiifi kam irraa akkamitti moggaafame?
2. Afheddummaan miidhaan isaa nama dhuunfaafis, biyyaafis hamaa kan ta'u haala kam keessatti?
3. Afheddummaan maaliif akka qabeenya guddaatti ilalaalama?
4. Kanneen afaan tokko qofa danda'aniifi kanneen afaan lama, yookaan lamaa ol beekani gidduutti garaa garummaan beekumsaa maaliif jiraachuu danda'a?
5. Afheddummaafi carraan hojii akkamiin walqabatu?
6. Afaan biyya kanaa keessaa kan afaan itti hiikkatteen ala, lama sirnaan dubbachuufi dubbisuu barbaadda yoo ta'e, isaan kam ta'a? Maaliif?

## Barannoo 2: Dubbachuu



### Gilgaala 4

**Faaruu loonii asii gaditti dhiyaate hubannoon dubbisuun gaaffilee ittaanan afaaniin deebisi.**

1. Bu'aawwan namoonni loon irraa argatan kan faaruu dhiyaate keessatti ibsameefi kanneen biroo ofii kee beektu itti dabaluu hiriya kee waliin yaada kee bal'isii irratti dubbadhu.
2. Walaloo dhiyaate keessatti ilaalcha namoonni looniif qaban akkamitti akka hubatte afaaniin ibsi?
3. Faaruu loonii, yookaan beelladaa biroo ilaalchisee afaan dhalootaa kee keessatti beektu qabiyyee isaa dareef afaaniin ibsi.

#### **Faaruu Loonii**

Yaa loonihoo

Yaa loonihoo

Yaa loonihoo

Nagayaan oolihoo

Loontu maal hintaane?

Maaltu badaa ta'ee?

Gaafni kee waancaa ta'a, kan ittiin dhugani

Gogaan kee itillee ta'a, kan irra rafani

Mataan kee afarsaadha, nama dabarsaadha

Yaa looni....

Loonihoo abbaan horee

Abbaan rakkinaan oolee

Yaa Looni ....

Kotteen shinii ta'aa, kan bunaan dhuganii

Gaafni fal'aan ta'aa, kan marqaan nyaatanii

Gogaan itillee ta'aa, kan irra bulanii

Foon irbaata ta'aa, kan ittiin bulanii

Faltiin qoraan ta'aa, kan ittiin bilcheessanii

Looni yaaloonihoo, nagaan oolihoo

Looni yaa loonihoo, dibatan miidhagsoo

Looni yaaloonihoo, dhugan qabaneessoo

Gurrole yaadalluu tolaa

## Brannoo 3: Dubbisuu



### Gilgaala 5

**Muuxannoo duraan qabdurratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadiif afaaniin deebii kenni.**

1. Naannoo ati jiraattutti namoonni afaan gara garaa dubbatan haala kamiin walkabajanii jiraatu?
2. Biyyoota afheddummaan keessatti baay'atu akka Itoophiyaatti afheddummaa kabajuun bu'aa maalii qaba?
3. Ati afhedduudha moo, aftokkeedha? Yoo afheddee taate siif bu'aanisaa akka dhuunfaatti maali jettee yaada?



### Gilgaala 6

**Dubbisa armaan gadii callisaan dubbisuun bakka duwwaa kenname guuti.**

1. Garaagarummaa namoota gidduu jiru keessaa tokko garaagarummaa \_\_\_\_\_ ti.
2. Afaan dubbattoota isaaf \_\_\_\_\_ ti.
3. Dhimmi biyyaa \_\_\_\_\_ dubbattoota afaan garagaraati.
4. Afheddummaan qaamota maraan yoo hinkabajamiin \_\_\_\_\_ isaa hedduudha.
5. Hunduu naannoo bakka jireenyaa ofiitti afaan biroo baruu kan danda'an yoo maal jiraate? \_\_\_\_\_.
6. Karaalee lama afheddee ta'uun nidanda'ama. Isaanis: \_\_\_\_\_ fi \_\_\_\_\_.
7. Afheddummaa kabajuun karaalee lamaan calaqqisa. Isaaniis \_\_\_\_\_ fi \_\_\_\_\_.



## Afheddummaa Kabajuu

Namoonni, yookaan hawaasni waliin jiraatan akkuma waan adda addaatiin tokkummaa qabaatan, garaagarummaas niqaabaatu. Garaagarummaa kanneen keessaa tokko garaa garummaa afaaniiti. Garaagarummaan hawaasa biyya tokkoo keessa jiraachuun waan uumamaati. Kanaafis kabaja barbaada. Garaagarummaan afaanii immoo ifee mul'ata. Walqixxummaan uumamaa isaa kabajamnaan afheddummaan qabeenya olaanaadha.

Afheddummaan kabajamuu kan qabu, afaan dubbattoota isaaf mallattoo eenyummaa waanta'eef, qaama mara irraa kabaja barbaada. Dhimmi eenyummaa afaanii, dhimma uummataati; dhimma biyyaatis. Dhimmi biyyaa immoo dhimma waloo dubbattoota afaan garagaraati. Dhimma biyyaa irratti tokkummaa ofii cimsuuf, afheddummaa biyya keessa jiru haalaan kabajuun barbaachisaadha. Haala akkasii keessatti afheddummaan qaamota maraan yoo hinkabajamiin, miidhaan isaa hedduudha. Faallaa kanaatiin, yoo afheddummaan kabajame immoo bu'aan isaa olaanaadha. Kanaafis, afheddee ta'uuf carraaquun gaariidha.

Karaa lamaanuu afheddee ta'uun biyya keenya keessatti salphaadha. Kan barbaachisu fedhii qaama hundaa qofa. Qabanni isaas, bakka jireenya keenyaa kanneen afaan garagaraa dubbatan bal'inaan jiru. Irraa dhagahuudhaan, itti dhiyaachuudhaan osoo hindhiphatiin baruun nidanda'ama. Manneen barnootaa afaan sabootaa keessatti baratamus akkasuma hedduudha. Kanaafuu, afaanota biyya keenyaa nikabajna taanaan, karaan baratamuu danda'u inuma jira. Afheddummaa kabajuunis afaan biyya ofii karaa danda'ame maraan barachuufii baruuf carraaquutiin calaqqisa.

Haata'u malee, afheddummaa kanneen akka cubbuutti ilaalan nijiru. Afaan tokko qofa kanneen beekan, afheddummaan tokkummaa biyyaaf yaaddoodha jedhanii yaadu. "Yoo afaan tokkichi biyya tokko keessatti tajaajiluu qabu isa kami?" jedhamanii gaafataman immoo, afaan ofii isaanii dubbatan akka ta'e ija jabinaan dubbatu. Afaan isaanii qofti hafee inni kaan hunduu yoo bade warri baay'ee gammadan nijiru. Afaan biyyaa hundi qabeenya biyyaa ta'uu hinhubatan. Afaan biyyaa yeroo badu, seenaa,

aadaa, eenyummaafi falasamni jireenyaa hawaasaa akka waliin badu hinnbeekan; yoo beekanis dhimma isaanii miti. Isaan akkasii leellistoota aftokkeeti. Afaan biyyaa keessaa tokko qofaan kan waligaluu danda’an jechuudha. Ilaachi akkasi immoo afheddummaa salphisuudha.

Afaan walii dubbachuuf yaaluun immoo mallattoo walkabajuuti. Kanaafuu, afaanota naannoo ofiitti dubbataman jaalalaan baruufi barachuuf carraaquun namoota dhuunfaafis carraa, biyyaaf immoo qabeenyadha. Waan kana ta’eef, akka dhuunfaattis, akka hawaasaattis afheddummaa jajjabeessuufi dandeettii isaa horachuun biyyoota akka Itoophiyaaf daraan barbaachisaadha.



### Gilgaala 7

**Gaaffiilee asiin gadii yaada dubbisichaarratti hundaa’ii barreessuun deebisi.**

1. Keeyyata 1<sup>ffaa</sup> keessatti jechi jala sararame (kabaja) hiikni isaa maali?
2. Walqixxummaan qabeenya olaanaa biyyaaf bu’aa buusu kan ta’uu danda’u yoo maal ta’edha?
3. Dhimma biyyaa irratti tokkummaa ofii cimsuuf kanneen gargaran keessaa tokko maali?
4. Afaan dhalootaan alatti afaan biroo naannoo jireenyaa ofiitti akkamiin baruun danda’ama?
5. Jireenya hawaasummaafi dinagdee keessatti bu’aa afheddummaa akkamiin ibsita?
6. Afheddummaa kabajuun tokkummaa biyyaaf akkamiin gumaacha?



### Gilgaala 8

**Hiika jechoonni armaan gadii dubbisa keessatti qaban barreessi.**

- a. waloo
- b. mara
- c. cubbuu

- d. yaaddoo
- e. leellisuu
- f. salphisuu



### Gilgaala 9

**Keeyyatoota dubbisicha keessaa irra deebi'uun ilaaluun gaaffiilee armaan gadiif deebii gabaabaa hima tokko tokkoon barreessuun deebisi.**

1. Xiyyeeffannoo keeyyata 2<sup>faa</sup> hima tokkoon barreessi.
2. Yaanni keeyyata 4<sup>faa</sup> keessa jiru maal ibsa?
3. Afheddummaa kabajuu yaada jedhu irraa maal hubatte?
4. Afheddummaa jajjabeessuun, tokkummaa biyyaaf haala inni itti galtee ta'u ibsi?
5. Haala amma jiruun ilaalchi hawaasni afaanota garagraa biyya kanaa barachuuf qabu sadarkaa maaliirraa jira jettee yaadda?

## Barannoo 4: Barreessuu

### Maqaafi Durduubee Walitti fiduun Hima Barreessuu



### Gilgaala 10

**Kanaa gaditti maqaafi durduubee ilaalchisuun fakkeenya dhiyaate bu'uura godhachuudhaan tokko tokkoo isaaniif hima ijaari.**

- a. -dhaan
- b. -an
- c. irra
- d. meeshaa
- e. -tti
- f. muka
- g. lafa



Fakkeenya:

- a. Yaadaniin *gara Jimmaa* deemte.
- b. Isheen **Finfinneetii** dhufte.
- c. Simbirroon **muka irra** qubatte.
- d. Jaarsichi **gaaddisa jala** taa'a.
- e. Waraabessi **boolla keessa** jiraata.
- f. Barsiistuun barattoota **isheef** qormaata deebite.

Waa'ee maqaafi durduubee boqonnaawwan darban keessatti baratteetta. Boqonnaa kana jalatti immoo maqaafi durduubee hubannoo keessa galchuun dandeettii barreessuu sadarkaa himoota gaggabaabaafi keeyyataatti shaakalta. Akka ka'umsa siif ta'uuf, himoota armaan olii sirnaan ilaali.

Fakkeenya dhiyaatan keessatti kanneen gurraacha'anii barreeffaman maqaadha. Akka matimaatti kanneen galan hundumtuus maqaadha. Kanneen jallatanii barreeffaman immoo durduubedha. Haaluma kanaan, Jimmaa, Finfinnee, muka, gaaddisa, boolla-fi ishee, hunduu maqaadha. Karaa biraatiin, gara, -tii, irra, jala, keessaafi -f himoota armaan olii keessatti dhiyaatan durduubedha. Durduubeen tokko tokko of danda'anii qobaa dhaabbatu. Tokko tokko immoo maqaa cinaa isaanii jirutti maxxananii malee qobaa dhaabbatanii hiika hiqabani. Haaluma kaanaan, maqaafi durduubeef xiyyeeffannoo kennuun hima barreessuu shaakali.



## Gilgaala II

**Keeyyata armaan gadii akka fakkeenyaatti fudhachuun keeyyata hima 4 qabu bamaqaafi durduubee isaa irratti xiyyeeffachuun cimdiitiin barreessaa.**

Fakkeenya:

Toltuun soofaa irra teessee kompiitaraan hojii manaa barreessaa jirti. Akka tasaa qalumni ishee minjaala jala bu'e. Gara tokko ilaaltee, harmee ishee “gara koo koottu” jette. Haati ishee dhufnaan, “naaf kenni” jettee itti agrsiifte. Isheenis fuute harkatti laatte.

## Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa

### Jechoota Ergisaa

Afaan Oromoo irraa gara afaan Amaaraatti kan ergifame:



- a. Sangaa
- b. Qabattoo
- c. Cuuphee

Afaan biyya alaa irraa gara Oromootti kan ergifame:

- a. Kootii (duraan maddi isaa afaan Fireenchi kan ture)
- b. Jaakkeettii (duraan maddi isaa afaan Fireenchi kan ture)
- c. Raadiyoo (afaan Igilizii irraa)
- d. Sukkaara (maddi isaa afaan Itaalii kan ture)
- e. Rabbi (maddi isaa afaa Araabaa kan ta'e)

Jechoota ergisaa jechuun jechoota afaanota biroo irraa madaqfamanii afaan gara biroo keessatti osoo hinjijjiiramiin tajaajilanidha. Kunis amaluma afaanota hundaati. Afaan kamuu garaagarummaa jiruufi jireenyaa, walitti dhufeenya aadaa, kalaqaafi saayinsiifi teeknooloojii irraa kan ka'e jechoota afaan biroo keessaa ergifachuun akkaataa barreeffama afaan ergifateetti madaqsanii barreessanii qaama jechoota afaan ofii godhachuun waanuma jiru. Bu'uuruma kanaan Afaan Oromoos jechoota afaan adda addaa keessaa ergifatee gargaaramu, akkasumas ergisee afaanonni biroon itti dhimma bahan qaba. Karaa biraatiin, jechoota ergisuunis, ergifachuunis amaluma afaaniiti.

Fakkeenyaaf, jechi Afaan Oromoo keessatti kitaaba jedhu, afaan Arabaa, kitaab jedhu irraa kan ergifamedha. Akkasumas, jechi Afaan Oromoo guddifachaa jedhu afaan Amaaraafi afaanota birootiin akkuma jirutti ergifatamee tajaajilaa jira.



## Gilgaala 12

**Ibsa armaan olitti kenname irratti hundaa’uudhaan jechoota biroo kan afaan biroo keessaa ergifamanii Afaan Oromoo keessatti tajaajilaa jiran 10 namoota beekan irraa qorachuun dareef dhiyeessi.**

## Barannoo 6: Caasluga

### Ciroo



## Gilgaala 13

**Bakka duwwaa kennamerratti ciroo hirkataa guutuun sirreessii barreessi.**

1. \_\_\_\_\_, daree iaa keessaa tokkoffaa bahe.
2. \_\_\_\_\_, dorgommii Olompikii irratti tokkoffaa baate.
3. \_\_\_\_\_, oomisha gaarii argate.
4. \_\_\_\_\_, goginsi nibabal’ata.
5. \_\_\_\_\_, kunuunsuu qabna.



Ciroon akaakuu lamatu jiru. Tokko ciroo of danda’aa jedhama. Kan qobaa ofii dhaabatee dhaamsa gabaabaa tokko qabu jechuudha.

Fakkeenya: Roobeen barattuu qaxaleedha.

Akaakuun inni lammataa ciroo hirkataa jedhama. Ciroom tokko hirkataa kan jedhamu yoo ergaa guutuu ta’e hindabarsu ta’edha. Ciroom of danda’aa biroo waliin ta’ee barreeffama, yookaan dubbii afaanii keessatti tajaajila.

Fakkeenya: **Roobeen waan sirriitti qu’atteef**, qormaata dabarte.

Hima kana keessatti kan gurraacha’e yannii isaa rarra’adha. Kanaaf ciroom hirkataa jedhame.

## Boqonnaa 8: Barnoota Qaraxaa

### Kaayyoowwan

#### Xumura boqonnaa kanaatti:

- ✎ ergaa waan dhaggeeffatteefi dubbistee jireenya dhugatiin walqabsiisuun madaalta;
- ✎ Maqaafi gochima walitti fiduun hima ijaarta;
- ✎ Jechoota hiikaan walfakkaatan addaan baasta;
- ✎ Fufiileetti fayyadamuun jecha ijaarta.

## Barannoo 1: Dhaggeeffachuu



### Gilgaala 1

#### Muuxannoo keerratti hundaa’uun gaaffilee kanaan gadii deebisi.

1. Maatiin kee gibira isaan mootummaaf kaffalaniifi maaliif akka isaan kaffalan himi.
2. Namoonni mootummaaf qaraxa akkamii faa akka kaffalan tarreessi.
3. Hiika jechoota bu’uuraa dubbisa at dhaggeeffachuuf deemtu keessaa bahan armaan gadii tilmaami.
  - a. qaraxa
  - b. akaakuu
  - c. kaffaltii



### Gilgaala 2

#### Bakka duwwaa armaan gadii kan lakkoofsaan bakka bu’ee dhiyaate dabtara keerratti barreeffachuun barruu siif dubbifamu dhaggeeffachaa guuti.

1. Qaraxni maallaqa waan bitatan, \_\_\_\_\_ (1), \_\_\_\_\_ (2) fi qabeenyaa qabaniif namoonni ykn dhaabbileen mootummaaf kaffalanidha.
2. Akaakuun isaas qaraxa bittaa, \_\_\_\_\_ (3), qaraxa galiifi \_\_\_\_\_ (4) fa’i.

3. Manaafi lafaaf maallaqani mootummaf kaffalamu \_\_\_\_\_ (5)  
jedhama.
4. Miindaa namoonni ji'aan argatanirraa maallaqni  
mootummaaf kaffalamu qaraxa \_\_\_\_\_ (6).
5. Akaakuun qaraxa namni tokko baasuu \_\_\_\_\_ (7)  
bu'uureffata.



### Gilgaala 3

**Odeeffannoo dubbisa dhaggeeffatterraa argatte bu'uureffachuun gaaffilee armaan gadii deebisi.**

1. Akaakuu qaraxaa ibsi.
2. Akaakuun qaraxaa garaagara ta'uun maaliif barbaachise?
3. Garaagarummaan qaraxa kallattiifi qaraxa alkallattii maali?
4. Qaraxa kaffaluun sirrii moo sirrii miti jetta? Maaliif?
5. Haala hawaasa qaraxa kaffaluufi hinkaffallee gidduutti ga- raagarummaa akkamiitu uumamuu mala jetta?

## Barannoo 2: Dubbachuu



### Gilgaala 4

**Matadrureewwan lamaan kanaan gadii keessaa tokko filachuun yaadaafi ragaa amansiisu erga walitti qabattee booda falmii geggeessi.**

1. Qaraxa kaffaluun barbaachisaadha.
2. Qaraxa kaffaluun barbaachisaa miti.

## Barannoo 3: Dubbisuu



### Gilgaala 5

**Gaaffilee kanaan gadii muuxannoo keerratti hundaa'uun afaaniin deebisi.**

1. Ganda keessa jiraattutti namoonni qaraxa/galii mootumma kaffaluu akkamiin ilaalu?

2. Ati waa'ee qaraxaa baruun maaliif na fayyada jettee yaadda?
3. Beekumsa duraan qabduratti hundaa'uun hiika jechoota armaan gadii tilmaami.
  - a. maallaqa
  - b. faayidaa
  - c. hubannoo



### Gilgaala 6

**Barruu dhiyaatee dubbisaa gaaffileen kennaman yoo dogoggora ta'an, soba yoo sirrii ta'an immoo dhugaa jechuun deebisi.**

1. Qaraxa kaffaluu dhiisuun mirga.
2. Namni qaraxa kaffalu misooma biyyaatiif gumaacha.
3. Barumsi qaraxaa hubannoo warra qaraxa kaffalanii cimsa.
4. Namoonni qaraxa kaffalchiisan ofii isanitee hinkaffalan.
5. Qaraxni maallaqa deggersa mootummaatiif kennamudha.



### Barnoota Qaraxaa

Barumsi qaraxaa maallaqa waan bitame, waan gurgurame, galii argameefi qabeenyaa qabaniif namoonni ykn dhaabbileen mootummaaf kaffalanii irratti xiyyeeffata. Wa'ee kanaa barachuun faayidaa baay'ee qaba. Faayidaan barumsa qaraxaainni bu'uuraa hubannoo horachiisuudha. Barumsi qaraxaa waa'ee qaraxaa, barbaachisummaa qaraxaafi qaraxa kaffaluufi kaffalchiisuu irratti hubannoo horachiisa. Barnoonni qaraxaa namoonni qaraxa kaffalanis ta'ee kaffalchiisan maalummaaafi akaakuu qaraxaa akka addaan baafatan taasisa. Kanaanis qaraxni waan dhimma itti bahame, galii aragameefi qabeenyaa jiruuf maallaqa mootummaaf kaffalamu akka ta'e odeeffannoo kenna. Kun ammo akaakuu qaraxa kaffalamuu akka murteessuus quba-qabsiisa. Fakkeenyaaf, galii argameef qaraxni kaffalamu qaraxa galii, bu'aa argameef kan kaffalamu ammoo qaraxa bu'aa ta'a.

Faayidaan barumsa qaraxaa inni biraan barbaachisummaa qaraxaa hubachiisuu ilaallata. Barumsi qaraxaa qaraxa kaffaluun maaliif akka barbaachise, bu'aan isaas maal akka ta'e akka addaan baafatan taasisa. Qaraxa kaffaluun hunda caalaa misooma biyyaatiif murteessaa ta'uu isaa qalbeeffachiisa. Qaraxni

kaffalamu hojiiwwan misoomaa kanneen akka daandii baasuu, ibsaa galchuu, bishaan qulqulluu dhiyeessuu, buufata fayyaafi manneen barnootaa ijaaruu akkasumas, hojjetootaaf miindaa kaffaluu hammata. Dalagaalee misoomaa kanatti fayyadamu ammoo warruma qaraxa kaffaluudha. Kanarraan kan ka'e, qaraxni baasii uummanni misooma isaatiif baasudha jedhamee fudhatama.

Faayidaan barumsa qaraxaa inni biraan qaraxa kaffaluurratti hubannoo horachiisuudha. Barumsi kun qaraxa kaffaluun dirqama lammii biyya tokkoo akka ta'e hubachiisa. Qabanni isaa qaraxni hinkaffalamu yoo ta'e misoomsamuun hindanda'amu. Kana hubachiisuunis namoonni qaraxa kaffaluurratti ilaalcha dogoggoraa qaban akka sirreeffataniifi qaraxa kaffaluuf akka of qopheessan taasisa. Qophiin kunis warri qaraxa kaffalchiisan qixxummaa kaffaltii akka eegan, warri kaffalanis akka qophaa'aniifi yeroodhaan akka kaffalan tumsa taasisa. Itti dabalees, qaraxa kaffaluurratti harcaatiin akka hinuumamne taasisa. Irra caalaa ammoo, warri qaraxa kaffalaniifi warra kaffalchiisan gidduutti walhubannaa uumuudhaan ilaalcha walfakkaatu qabachisa.

Gama biraatiin, barumsi qaraxaa akka uummanni sirna qaraxni keessatti kaffalamu baruun yeroo yerootti to'achuu danda'u odeeffannoo kenna. Sirni qaraxaa loogii hinqabne, namoonni akkuma galii, qabeenyaafi bu'aa isaaniitti itti amananii yeroo barbaachisutti qaraxa akka kaffalan hubannoofi raawwii isaanii tumsa. Haaluma walfakkaatuun, barumsichi qaraxni kaffalamu naanna'ee isaanuma akka tajaajiluuf sirna qaraxni keessatti kaffalamu irratti amantaa horachiisa.

Gabaabumatti, barnoonni qaraxaa hubannoo hawaasni qaraxa kaffalamurratti qabu cimsa. Barbachisummaan qaraxa kaffaluus hawaasicha biratti akka beekamu, harcaatii malee yeroo barbaachisutti qaraxni akka kaffalamu taasisa. Qaraxni kaffalamus maalirra akka oolu baruun hawaasni yeroo yerootti akka hordofu haala mijeessa. Kanaafuu, barumsi qaraxaa qaraxa kaffaluun dirqama lammii, qaraxa kaffalamu sirriitti to'achuun misooma biyyaatiif oolchuun ammoo dirqama mootummaa akka ta'e hubachiisa. Barumsi qaraxaa warri qaraxa kaffaluufi kaffalchiisu itti gaafatamummaa isaanii karaa qajeelaa ta'een yoo bahan, guddinni biyyaa akka saffisu, jireenyi lammiilees akka bayyaannatu hubachiisa.



## Gilgaala 7

**Ergaa dubbisa dhiyaatterraa argatte muuxannoo keetiin walqabsiisuun gaaffilee kanaan gadii deebisi.**

1. Faayidaan qaraxa kaffaluun hawaasaaf qabu maali?
2. Qararxni maaliif baasii uummanni misooma isaatiif baasudha jedhama?
3. Sirna qaraxni keessatti kaffalamu beekuun maaliif gargaara?
4. Namni qabeenya qabuu galii mootummaa yoo hinkaffalle rakkoo akkamiitu uumama?
5. Maallaqni mana barumsaa ati keessatti barachaa jirtu ijaaruuf baasii taasisame eessaa dhufe jetta?

## Barannoo 4: Barreessuu



## Gilgaala 8

**A. Fakkeenya kennamerratti hundaa’uun himoota kennaman keessaa maqaafi gochima baasii barreessi.**

Fakkenya:

1. Daboon mana ijaarte.  
Maqaa – daboo, mana  
Gochima – ijaarte
2. Barattoonni daree qulqulleessan.  
Maqaa - barattoota, daree  
Gochima - qulqulleessan

1. Guutaan fardaan bishaan guure.
2. Barsiistuun yaadannoo nuuf barreessite.
3. Dhalli namaa mana, soorataafi wayyaa barbaada.
4. Biliseen biqiltuu dhaabde.
5. Kamaal qulqullina isaa eeggata.

**B. Jechoota gabatee kanaan gadii keessatti dhiyaatan maqaafi gochimatti addaan fo’i.**

tabba	lafa	deeme	mure	tumsa
kitaaba	jaallate	dubbise	nuka	nama
mana	barreesse	ijaarsa	diimaa	arge
	maqaa		gochima	

**C. Himoota maqaafi gochima of keessaa qaban barreessi. Maqaafi gochima sanas jala sarariitii agarsiisi.**

Fakkenya:

1. Joobirri samii keessa balali'a.
2. Toltuun namusa qabdi
3. \_\_\_\_\_
4. \_\_\_\_\_
5. \_\_\_\_\_
6. \_\_\_\_\_
7. \_\_\_\_\_
8. \_\_\_\_\_
9. \_\_\_\_\_
10. \_\_\_\_\_

## Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa



### Gilgaala 9

**Jechoota roga 'A' jalatti dhiyaataniif hiika isanii roga 'B' jalaa filachuun walitti firoomsi.**

Roga A	Roga B
___ 1. hubannoo	A. ariitii
___ 2. hojii	B. fooyya'uu
___ 3. faayidaa	C. sirrii
___ 4. daandii	D. fala
___ 5. tumsa	E. qalbeffannoo
___ 6. to'annaa	F. dalagaa
___ 7. furmaata	G. bu'aa
___ 8. qajeelaa	H. karaa
___ 9. saffisa	I. hordoffii
___ 10. bayyaanachuu	J. deggersa
	K. fayyuu

## Maqaafi Gochima



Maqaafi gochimni utubaalee ijaarsa hima tokkooti. Kana jechuun himni tokko yoo xiqqaate maqaafi gochima qabaachuu qaba jechuudha. Maqaan kan namoonni, wantoonni, ta'iinsonniakkasumas yaadoleen ittiin waamamanidha. Kunis wantoonni ijaan argamanii harkaan qaqqabamaniifi warri yaadaan jiran kan ittiin wamaman jechuun bakka lamatti qoodamu. Maqaaleen waan qabatamaa bakka bu'an kanneen akka muka, mana, lafa, gurraafi wkf yoo ta'an, kanneen waan yaadaan jiran bakka bu'an ammoo jaalala, jibba, Waaqa, dhugaafi wkf ta'u. Gochimni ammoo jechoota gochaafi himuu jedhanirraa uumamuun raawwii ykn ta'iinsa tokko agarsiisa.

## Barannoo 6: Caasluga



### Gilgaala 10

#### A. Fakkenya kenname hordofuun fufilee jechatti maxxananii jiran addaan baasi.

Fakkenya:

1. Jabbiilee = jabbii - lee
2. namoota = nam - oota
3. fardaan = farda - an
1. tiruun = \_\_\_\_\_
2. gaaffiilee = \_\_\_\_\_
3. saroota = \_\_\_\_\_
4. uleedhaan = \_\_\_\_\_
5. barruulee = \_\_\_\_\_

#### B. Fufilee addaan bahanii dhiyaatan qaamolee jechaatti maxxansuun agarsiisi.

Fakkenya:

- ✓ sa'a + -oota = sa'oota
  - ✓ laga + -een = laggeen
  - ✓ hin- + deem- + -ne = hindeemne
1. mana + -een = \_\_\_\_\_
  2. barataa + -oota = \_\_\_\_\_
  3. ni- + deem- + ti = \_\_\_\_\_
  4. hin - + beek- + -uu \_\_\_\_\_
  5. gaangee + -dhaa- + -n = \_\_\_\_\_

## Boqonnaa 9: Gootummaa

### Kaayyoowwan

#### Xumura boqonnaa kanaatti:


- ✘ yaada waan dhaggeeffatteefi dubbistee hubatta;
- ✘ qaamolee himaa barta;
- ✘ hiika jechoota faallaa xiinxalta;
- ✘ adeemsa isaa hordofuun tapha ijoollee taphatta.

### Barannoo 1: Dhaggeeffachuu



#### Gilgala 1

**Dubbisa siif dhiyaatu dhaggeeffachuun dura gaaffilee kanaan gadii afaaniin deebisi.**



1. Suuraalee kanarraa eenyuufaa agarta?
2. Namoonni ati suuraa isaanii agartu kun maal hojjetani?
3. Namni yoo maal hojjete goota jedhama?
4. Jechoota kanaan gadii fakkeenya deggeruun ibsi
  - a. gootummaa
  - b. aantummaa
  - c. addaddummaa



## Gilgaala 2

**Gabatee bakka duwaa qabu armaan gadii dabtara keerratti garagalfa-chuun barruu siif dubbisamu dhaggeeffachaa guuti.**

Miira Gootummaa	Agarsiistuu gootummaa	Namoota yaaddoo keessaa
_____.	_____.	_____.
_____.	_____.	
_____.	_____.	
_____.	_____.	
_____.	_____.	



## Gilgaala 3

**Gaaffilee kanaan gadii odeeffannoo barruu dhaggeeffatterraa argatteen guuti**

1. Goonni eenyu?
2. Bakka jiraattutti gootummaan akamiin ilaalama?
3. Gootonni biyyatti kabaja horan jettu eenyu fa'i?
4. Biyyi tokko yoo goota hinqabaanne maal taati?
5. Gootota namoota yaaddoo keessa jiran gargaaran eenyuun faa bekta?

## Barannoo 2: Dubbachuu



### Gilgala 4

**Mataduree kennaman keessaa tokko filachuun falmii geggeessi. Mata-  
du-ree filaterratti yaada kee qindeeffachuufi ragaadhaan deggeruun  
amansiisuu yaali.**

1. Diina biyyarraa qolachuutu gootummaadha
2. Namoota yaaddoo keessa jiran gargaaruutu gootummaadha

## Barannoo 3: Dubbisuu



### Gilgala 5

**Akkaataa gaafatamtetti hiriya kee waliin irratti mariyachuun afaaniin  
deebisi.**

1. Suurri arman olii kan eenyuuti?
2. Waa'ee Abbabachi Goobanaa maal beekta?
3. Dubbisa dhiyaatteraa maal eegda?
4. Hiika jechoota kanaan gadii fakkeenyaan deggeruun hiriya keetti himi
  - a. imala
  - b. qormaata
  - c. deggersa



## Gilgaala 6

### **Barruu kanaan gadii dubbisaa gaaffilee itti aanan deebisi.**

1. Ijoolleen ollaa Abbabachi maal hojjetu turanii?
2. Abbabachi Goobanaa bara kam dhattee?
3. Bara 1973 Abbabachi eessa deemte?
4. Maqaan dhaabbata Abbabachi maal jedhama?
5. Akka waliigalaatti Abbabachi daa'imman meeqa guddiste?



## Aadde Abbabachi Goobanaa

Akka Lakkoofsa Habashaatti Onkololeessi, 20, 1935 guyyaa dubartiin tola-ooltumman beekamte tokko itti dhalattedha. Kan dhalattes abbaa ishee Obbo Goobanaa Heeyyeefi haadha ishee Aadde Wasanee Birruurraa Godina Shawaa Kaabaa bakka Shabal Aabboo jedhamutti. Dubartii kun Abbabachi jedhamti. Abbabachi dhalattee hanga waggaa kudhaniitti waanuma ijoolleen ollaa maatii ishee hojjetan hojjechaa turte. Ijoolleen ollaa maatii ishee bishaan waraabuun, qoraan cabsuun, bushaayee tiksuun baramaa ture. Abbabachis jara waliin sanuma raawachaa turte.

Abbabachi daa'imummaa isheetti wantoota abdii nama kutachiisan hedduutu ishee qore. Qormaaticha keessaa tokko abbaan ishee irraa du'uudha. Abbaan Abbabachi, Obbo Goobanaan, waraana Xaaliyaaniin Itoophiyaarratti bante keessatti aarsaa ta'e. Sana booda, carraan Abbabachi qabdu mana akaakayyuu isheetti galuudha. Manni akaakayyuu ishees akka mana abbaa ishee waan hinmijanneef, Abbabachiif qormaata biraa ture. Qormaanni ishee mudate inni biraan, ijoollummaatti heerumuudha.

Abbabachi ijoollummaatti waan heerumteef, abbaa warraa isheetiin walii galuu hindandeenye. Osoo oolani hinbulin walhiikan. Sana booda baddee Finfinneetti galte. Jireenyi magaalas akka isa baadiyaa waan hintaaneeff, achi jiraachuunis qormaata biraa itti ta'e. Haata'u malee, qormaata dabarsite hunda keessatti Abbabachi abdii hinkutanne. Jireenya keessatti qoramuun, qormaata darbuufi kufuunis waanuma jiru. Jireenya namaa kan dukkaneessu kufuu osoo hintaane, kufaatii ofirraa baruun ka'uu dadhabuudha. Namoota qormaata isaan mudatterraa baruun egeree isaanii ibsuurra taranii namootaaf bu'aa buusan keessaa tokko Abbabachi Goobanaati.

Abbabachi Finfinnee galtee yeroo murasa booda dhaabbata bunaafi midhaan oomishu keessatti miindeffamte. Dhabbata kana keessa hojjechaa osoo jirtuu si'a lammataatiif bultii dhaabbatte. Bakka bultii duraan diigames kan biraa ijaaramee abbaa warraafi haadha warraa ta'anii waliin jiraachuu egalan. Osuma kanaan jirtuu bara 1973 Bataskaana Gisheen Maaramii daawwachuuf gara Wallootti imalte. Imalli ishee kun jalqaba beekamtii ta'eef. Waan umrii ishee hafe keessatti xiyyeeffannoo laachuufii qabdutti ishee baasun xumura gootummaa ishees akeekeef. Barri Abbabachi gara bataskaanichaa deemte yeroo uummanni Walloo beelaafi hongee hamaan rukutamuun gariin du'anii, gariin ammoo du'aafi jireenya gidduutti hafan ture. Beelliifi hongeen barichaa xinnaafi guddaa, beekaafi wallaalaa, bineensaafi beellada osoo hinfo'in galaafate. Abbabachis reeffa namaa bakka adda addaatti kukkufee jiru ilaalaa imala ishee itti fufte. Osuma deemu daa'ima haadha kuftee jirtu hootu fagootti argite yeroo itti dhiyaatee ilaaltu daa'imattiin reeffa hooti. Kun qormaata Abbabachi duraan keessa dabarte xiqqeessee, haala daa'imattii ammoo guddisee itti agarsiise. Hojiin isheen hanga lubbuun dabartutti hojjettes murtee guyyaa kanaarraa eegale. Abbabachi daa'ima sana fudhattee gara Finfinneetti deebite.

Abbabachi daa'ima haadha beelli irraa ajjeese biratti daa'ima maatii hinqabne biroo barbaaduu itti fufte. Baruma sanatti daa'imman 21 argattee gara mana isheetti fudhattee guddisuu itti fufte. "Qajeelaa bira jallaan hindhibu," akkuma jedhamu, abbaan warraa ishee inni lammataa kun gochaa Abbabachitti gufuu ta'e. Daa'imman kana hunda guddisuu hindandeenyu jechuun Abbabechiin ari'ate. Isheenis waan qabduufi daa'imman sana fudhattee mana lukkuu itti horsiisanitti galte. Achitis daa'imman sana guddisuu itti fufte. Yeroo booda wanti isheen qabdu harkaa dhumnaan, buddeena tolchitee gurguruun daa'imman sana guddisuu ittuma fufte.

Waggaa dheeraa booda bara 1986 hojiin ishee mootummaa biratti beekamtii argachuun maqaa Dhaabbata Ijoollee Maatiifi Barumsa hinqabnee jedhuun galmaa'e. Kanaan booda deeggarsa argachuu jalqabde. Dhaabbanni ishee kun guddachaa deemee yeroo dhiyoo kana ijoolleen 200 achi jiraatanii, 482 immoo baasii isaanii dandeessee manaa deddeebi'anii baratu. Kana malees, ijoollee maatiin harka-qalleeyyii 1,000 ta'aniifkaffaltii barnootaa danda'aa kan 1,800 ta'aniif ammoo carraa isaan bilisaan baratan argamsiistee fi jirti. Akka ragaan hojii ishee ibsu mul'isutti, Abbabachi Goobanaa ijoollee 45,000 ol ta'an guddistee jirti. Gaarummaan kun marti du'a ishee oolchuu hindandeenye. Abbabachi Goobanaa, dhalattee waggaa 85tti boqotte.



## Gilgaala 7

**Odeeffannoo dubbisarraa argatterratti hundaa’uun gaaffilee itti aanan deebisi.**

1. Qormaanni Abbebechiin mudate maal maal fa’i?
2. Abbabachi akka isheen Finfinneetti galtu maaltu taasise?
3. Yeroo Abbabachi Walloo deemte haalli uummatichaa maal ture?
4. Abbaan Abbabachi, Obbo Goobanaan, haala akkamii keessaa du’e?
5. Abbabachi akkamiin qormata ishee mudate keessa baate?
6. Hojiin Abbabachi biyya keenya keessatti hagam barbachisaadha jetta?
7. Abbaan warraa Abbabachiin ari’achuun sirrii moo sirrii miti jetta? Maaliif?
8. Namoota hojii tola-ooltummaa irratti bobba’an akkamii ilaalta?

## Barannoo 4: Barressuu



## Gilgaala 8

**Akkaataa fakkeenya siif kennameetti, himoota armaan gadii keessaa matimaafi gochima baasi.**

Fakkenya:

1. Hawwineen kitaaba barressite.  
Hawwinee = matima,  
barressite = gochima
2. Boonaan biqiltuu dhaabe  
Boonaa = matima  
dhaabe = gochima
3. Abbabachi daa’ima guddiste.  
Matima \_\_\_\_\_  
gochima \_\_\_\_\_

4. Mootummaan dhaabbata Abbabachiif beekmatii kenne.  
matima \_\_\_\_\_  
gochima \_\_\_\_\_
5. Namni mo’u abdii hinkutatu  
matima \_\_\_\_\_  
gochima \_\_\_\_\_
6. Barattoonni hojii daree hojjetan.  
matima \_\_\_\_\_  
gochima \_\_\_\_\_
7. Barumsi hundee guddinaati  
matima \_\_\_\_\_  
gochima \_\_\_\_\_

## Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa



### Gilgaala 9

**Jechoota roga ‘A’ fi roga ‘B’ jalatti dhiyaatan faallaa isaaniitiin walitti firoomsii.**

A	B
_____ 1. abbaa	a. gabaabaa
_____ 2. dheeraa	b. jiraa
_____ 3. du’aa	c. haadha
_____ 4. jalqaba	d. ifa
_____ 5. dukkana	e. diigumsa
_____ 6. ijaarsa	f. xumura
_____ 7. fageenya	g. jal’ina
_____ 8. qajeelina	h. dhiyeenya
_____ 9. haadha warraa	i. qoofa
_____ 10. beela	j. abbaa warraa

## Jechoota Hiika Faallaa



Jechoonni hiika faallaa warra yaadaafi gochaan walmormanidha.

Kunis barreeffamaafi dubbii keessatti kan namoonni dhimma itti

bahanidha. Faallaan jechootaa walitti dhufeenya hiika isaanii iaallatu.

Kana jechuun jecha tokko faallaa isaatinis hiikuun nidanda’ama jechuudha.

## Barannoo 6: Caasluga



### Gilgaala 10

**Fakkeenya kenname hordofuun himoota kennaman keessaa matimaafi gochima addaan baasa**

Fakkenya:

1. Tolaan farada bite  
Tolaan = matima  
farda = irraawwatama  
bite = gochima
2. Faaxumaan mana barumsaa ijaarte  
Faaxumaa = matima  
mana barumsaa = irraawwatama  
ijaarte = gochima
1. Boonsamoon konkolaataa oofe
2. Inni gabaasa barreesse
3. Isheen warra wallolan araarsite.
4. Dargaggoonni utubaa dhaaban.
5. Jiruun obboleettii isaa gorse.
6. Gumeen dhukkubsataa wal'aante.
7. Manni keenya ijaarame.
8. Dinguun rakkataa gargaare.
9. Beekaafi wallaalaan waldeggeru
10. Manni yaalaa ijaarame.



Himni ijaarsa barreeffamaa yoo xiqqaate matimaafi gochima qabu, muuxannoo hawaasa tokkoo keesatti fudhatama kan qabuufi tuqalee xumuraatiin kan daangessamedha. Hima tokko keessa matima, aantimaafi gochima jiru. Matimni kan gocha raawwatee ykn kan waa'een isaa dubbatamudha. Aantimni ammoo kan gochaan matimaan irratti raawwatamedha. Gochimni waan raawwatame ykn waan jiru tokko kan agarsiisudha.

## Boqonnaa 10: Asoosama Gabaabaa

### Kayyoowwan

#### Xumura boqonnaa kanaatti:

- ✘ Waa'ee asoosama gabaabaa dhaggeffatee nihubatta;
- ✘ waan dhaggeeffattefi dubbiste irra deebitee nihimta;
- ✘ asoosama gabaabaa nidinqisiifatta;
- ✘ asoosama gabaabaa dubbistee xiinxalala isaa barreeffamaan nidhiyeessita;
- ✘ akaakuu himaa tajaajila isaaniitiin qoodda;
- ✘ jechoota moggoo nihubatta.

## Barannoo 1: Dhaggeeffachuu



### Gilgaala 1

#### Akka yaada keetti deebii gaaffilee kanaa gadii dareef ibsi.

1. Hojiiwwan kalaqaa keessaa waa'ee asoosamaa muuxannoo kee hanga yoonaan maal beekta?
2. Asoosamni tokko gabaabaa kan jedhamu maal irraa kan ka'e sitti fakkaata?
3. Asoosamni tokko gabaabinni isaa maaliin madaalama jettee yaadda?

### Asoosama Gabaabaa



### Gilgaala 2

#### Barruu siif dhiyaatu dhaggeeffachaa bakka duwwaa dhiyaate irratti deebii kenni.

1. Asoosama gabaabaan barreefama \_\_\_\_\_ barreessitootan tolfamedha.
2. Qabiyyeen asoosama gabaabaa keessatti dhiyaatu \_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_ fi \_\_\_\_\_ ta'uu mala.
3. Asoosamni gabaabaan daqiiqaa \_\_\_\_\_ hanga \_\_\_\_\_

keessatti xumuramee dhumuu danda'a.

4. Dheerinni asoosama gabaabaa gidduu galeessatti jechoota \_\_\_\_\_ hanga \_\_\_\_\_ ta'a.
5. Bakka, yeroofi haalota seenaan asoosama gabaabaa raawwatu \_\_\_\_\_ jedhama.
6. Asoosamni gabaabaan taatoo muumme \_\_\_\_\_ qabaata.



### Gilgaala 3

**Gaaffilee asiin gadii dubbisa dhaggeeffatte irratti hundaa'ii deebii isaanii barreessi.**

1. Asoosamaafi ogbarruu biroo maaltu walitti fida?
2. Qabiyyeen asoosama gabaabaa maalfaa of keessaa qaba?
3. Asoosamni gabaabaan yoo baay'ee dheerate hanga jechoota meeqaafi fuula meeqa qabaachuu danda'a?
4. Seenaa hagam bal'aafi walxaxaa ta'etu asoosama gabaaaa keessatti dhiyaata?
5. Asoosama gabaabaa keessatti kanneen hirmaatan maal jedhamu?
6. Jaargochiifi seenaan asoosama gabaaaa keessatti raawwatu hariiroo maalii qabu?
7. Asoosama gabaabaa keessatti jaargochi, taatoo/namfakkiin, yoomessi, waldiddaafi ijoon ergaa akkamiin waltumsu?

## Barannoo 2: Dubbachuu



### Gilgaala 4

**Baacoo armaan gaditti dhiyaate qeeqaan dubbisiiti bu'uura gaaffilee dhiyaataniin hiriyaa kee waliin irratti dubbadhu.**

1. Qabiyyee baacoo kana keessatti dhiyaate ija safuufi aadaatiin "gochaa sirrii", yookaan "sirrii miti" jechuun daree keessatti falmii dhiyeessi.
2. Baacoo gara biraa kan ofii kee beektu hiriyoota keetti himi.



## Baacoo (Safuu Hinbeeknee)

Namichatu osoo daandii deemuu aduun itti dhiinaan mana namaatti gore “maaloo na bulchaa” jedhee kadhate. Warri manaas, “Manni kan Rabbiiti; buli” jedhanii ol seensisani. Akkuma keessummaa tokkootti, nyaatee dhugee otoo keessumsii famaa jiruu haadha manaatiin iji walirra isaan buute. Karaa ittiin ishee argatu osoo buusee baasuu, sa’aatiin hirribaa ga’e. Ciisee cinaacha gaggaragalchuu eegale. Otoo yaaduu mala tokko argatee gadi ba’ee, mooraa loonii diigee ol deebi’ee ciise. Egaa akkuma beekamu baadiyyaatti namni horii qabu dhaggeeffachaatumaa muga; shokokii dhageenyaan abbaan manaa gadi ba’e. Yeroo kana deemee ishee dhungatee, deebi’ee ciise. Ammas waantittiin araada itti taatee, ba’e loon jalaa banee ol deebi’ee yeroo abbaan manaa ba’u dhungate. Otoo akkanatti meeqa kaasuu, gara barii namichi ani dadhabee mee atimmoo ba’i jedhee haati manaa dabaree ishee gadi baate. Yeroo kana inni abbaa manaatu ba’e se’ee iddoo ciisichaatti namicha dhungoon gaggabse. Namichi rifatee “maal taate namichoo?” yeroo jedhuun, “deemuufani nagaatti isiniin jechuu kooti” jedhee biraa deeme.

### Barannoo 3: Dubbisuu



#### Gilgaala 5

**Muuxannoo duraan qabdurratti hundaa’uun gaaffilee armaan gadiif afaaniin deebii kenni.**

1. Asoosama gabaabaa afaan dhalootaa keetiin dubbiftee beektaa? Yoo dubbistee beekta ta’e, yaada isaa gabaabsii hiriyya keetti himi.
2. Jechi asoosama jedhuufi gabaabaa jedhu akkamiin walitti dhufa jettee yaadda?
3. Muuxannoo qabdu irraa asoosamniifi addunyaa dhugaan hariiroo maal qaba sitti fakkaata?



### Gilgaala 6

**Dubbisa armaan gadii callisaan dubbisuun gaaffiilee dhiyaatan yoo sirrii ta’an dhugaa yoo dogoggora ta’e soba jechuun deebisi.**

1. “Sireerra taa’i” kan jedhe Bantiidha.
2. Koondomii itti hiixannaan kan fudhatte Leelliseedha.
3. Bantiin kutaa ciisichaa erga seenee booda, uffata baafachuu nidide.
4. Bantiin uffata isaa tiishertii irraa eegalee deebisee uffate.
5. Balballi manaa tasa yeroo banamu, Bantiin rifatee dhokatee ciise.
6. Leelliseen balleessaa isaa Bantiitti hinhimne.
7. Bantiin yoo of irratti rukutuu baateyyuu, aariitiin Leelliseetti dheekkameera.



### Du’anii Galuu

Furtuu hedduu harkaa qabdi. “Furtuu kanaan balbala mana hirribaa ittiin banii seeni” naan jette. Baneen seene. Isheen na duubarra seentee “sireerra taa’i” naan jette. Gadin taa’e. “Kafana kee tokko tokkoon baafadhu!” “Hoodhu koondomii” jette; nan fudhadhe.

Leelliseen fuula koo duraa wullub jette. Balbala manichaa gara alaatiin natti cufte. Yaada lamatu sammuu keessa na marmaara. Tokko osoon hingaafatiin Leelliseen mana hirribaa maaf na galchite? Lammata immoo balbala mana ciisichaa natti cuftee maaf (eessa) deemte? kan jedhu.

“Kafana koo baafadhee qullaa ta’uun maal na fayyada? Leelliseen baatee hindeebine. Mana ciisichaa kophaa koo taa’uun maal na fayyada?” ofan gaafadhe. Deebiin tasa naaf hindhufne. Kafana koo tokko tokkoon deebisee uffachuun eegale; dura buggee, itti aansee tiishartii, itti aansee kofoo, dhumarratti jaakkettaa, kophee kootis nan diradhe. Karri cufamee naaf hinbanamne. Leelliseen hindeebine sila na hiitee deemuu isheetiin jedheetan yaade. “Lakkii wanta akkanaa narratti hinraawwattu Leelliseen,” jedheetan of jabeeche.

Tasa balballi mana ciisichaa natti baname. Rifadheetan ol ka’e. “Taa’i! Eessa dhaquuf kaata manaa” jette Leelliseen; deebi’etaan sireerra gadi taa’e. “Maaf kafana mulqattee deebiftee uffattee?” jettee natti iyyite Leelliseen, sagalee haalaan olkaaftee; rifadhee deebii kennuun dadhabe.

“Amma dafii kafana kee baasi!” jettee ciminaan na ajajje. Tole jedheen baafadhee qullaa qulqulluu taa’ee ija Leellisee keessa ilaaluu eegale. “Ansoolaa keessa ciisii” naan jette. Tole jedheetan dafee ansoolaa keessa seenee, qaama koo kan mormaa gadii uwwisee, mormaa ol alatti hambisee, ajaja Leellisee kan itti aanu dhaggeeffachuu calqabe. “Sii, Bantii sirnaan na dhaggeeffadhu!” naan jettee ija ishee natti babaaftee “Amma waanan asiin sii seeneef beektaa?” naan jette. “Lakkii hinbeekun” jedheen.

“Homa hinshakkinee?”

“Lakkii homaa hinshakkine.” “Amma yoo...” naan jettee shugguxii xinnoo takka bobaa jalaa, wandaboo keessaa baafattee addatti na qabde.

“Maalan si godhe Leelliyyee giiftii too!” jedheen kadhadhe. “Cal jedhi! Sagalee homaatu hindhageessisin!” naan jette. “Maaf shugguxii natti qabde maalan si godhe!” jedheen hollachaa gaafadhe. “Balleessaa kee hinbeektuu?” jettee harka shugguxii harkaa hinqabneen kaballaa natti cufte. Ol jedhun yaale, kaballaa natti dabalte. “Maaloo Leellise na dhiisi! Maalan balleesse? Na hinkabaliin” jedheen aarii koo ibsuuf sagalee koo ol kaase.

“Cal jedhi! Kaballaaf boochaa? Shugguxii kanaan sammuu kee eddoo lamatti dhodhoosa!” jettee shugguxii natti aggaamte. Sagalee rasaasa dho’een dhagaye.

Ka’een bitaa mirga koo ilaale. Kophaa koon jira. Rifaatuun sammuu keessaa na hinbanne. Nafti koo na hollata. Waan sammuum koo rasaasaan dhodhoye natti fakkaataa hin jiru. Hirriba koo hinguufne; deebi’etan rafe.

Madda : W.B. Yaadatee(2002/2009)



### Gilgaala 7

**Gaaffilee asiin gadii yaada dubbisichaarratti hundaa’ii barreessuun deebisi.**

1. Furtuu hedduu kan harka ofii irraa qabu eenyu?
2. Kan dura balbala hirribaa seene eenyu?
3. Gaaffiin jalqabaa sammuu Bantiittii dhufe maal ture?
4. Bantiin gaaffiiwwan maalfaa of gaafateeti deebii dhabe?
5. Bantiin waan ajajame mara kan raawwatu maaliif sitti fakkaata?
6. Adabbiin kun hunduu Bantii irratti ka raawwate maaliifi?



### Gilgaala 8

**Jechoota kanaa gadii hiika isaan dubbisa keessatti qaban barreessi.**

- |             |              |
|-------------|--------------|
| a. Wullub   | e. Dirachuu  |
| b. Marmaare | f. Rifaatuu  |
| c. Kafana   | g. Mulqachuu |
| d. Eegaluu  | h. Hollachuu |



### Gilgaala 9

**Keeyyatoota dubbisicha keessaa irra deebi’uun ilaaluun gaaffiilee armaan gadiif deebii gabaabaa hima tokko tokkoon barreessuun deebisi.**

1. Amala namfakkiiwwan lamaanii akkamiin madaalta? Deebii keef ragaa gochaa isaanii dubbisa keessaatiin deeggari.

2. Dhugaa addunyaa keessa jiruufi taatee asoosama gabaabaa kana keessatti raawwate walbira qabdee yeroo ilaaltu, akkamiin ibsita?
3. Akka barattuu kutaa kanaatti osoo situ Leellisee ta'e, seenaa kana akkamiin xumurta? (Gaaffiin kun shamarran qofa ilaallata).
4. Akka barataa kutaa kanaatti osoo situ Bantiidha ta'e, seenaa kana akkamiin xumurta? (Gaaffiin kun dhiirota qofa ilaallata).

## Barannoo 4: Barreessuu

### Hima Matima, Antimaafi Gochima Qabu Barreessuu



Waa'ee darbe keessatti hima matimaafi gochima qabu barreessuu baratteetta. Boqonnaa kana jalatti immoo hima matimaa, antimaafi gochima qabu barreessuu shaakalta; ittuma fuufuun himoota kanneen walitti fiduun keeyyata taasifta. Akka ka'umsa siif ta'uuf, himoota armaan gadii sirnaan ilaali.

Fakkeenya:

- a. **Yaadasaan** *gabaa* deeme.
- b. **Yaadasaan** *kitaaba* bite.
- c. **Yaadasaan** *barnoota* isaa qayyabata.
- d. **Yaadasaan** *qormaata* hojjete.

Fakkeenyota dhiyaatan keessatti kanneen furdatanii barreeffaman hunduu matimadha. Akka matimaatti kanneen galan hundumtuus maqaadha. Kanneen jallatanii barreeffaman hunduu immoo antimadha. Akkasumas, kanneen jala sararaman marti gochimadha. Tariibni himni Afaan Oromoo ittiin ijaaramus walduraa duubaan: matima, antimaafi gochimadha. Haaluma kanaan, matimni afran gochaa ta'e raawwataniiru. Antimni hunduus wanta ta'e ibsaniiru.

Haaluma kaanaan, himoota armaan olitti akka fakkeenyaatti dhiyaatan ka'umsa godhachuudhaan himoota biroo matima, antimaafi gochima qabu barreessuu nidandeessa.



## Gilgaala 10

**Kanaa gaditti jechoonni tarreeffamanii dhiyaatan yoo sirnaan barreeffaman matima, antimaafi gochima ta'uun hima hiika qabeessa ijaaruu danda'u.**

Fakkeenya: Daraartuun caccabsaa nyaatte.

Liqeesse

Saree

*Nyaatte*

Foon

Bishaan

Dhuge

Nyaatte

Jabbii

Dawaa

Daldalaa

Qarshii

*Caccabsaa*

Qormaata

Namichi

Uffata

Bite

Soroorse

Dhukkubsataa

*Daraartuun*

Barsiisaa



## Gilgaala 11

**Haaluma armaan olitti shaakalteen, matima, antimaafi gochima ofii kee filatte walitti fiduun himoota 7 barreessi.**

## Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa

### Jechoota Moggoo

Roobii: guyyaa torbanii keessaa tokko



✓ Guyyoota torbanii keessaa *roobii* baay'een jaalladha.

Roobii: bineensa keessaa tokko

✓ Bineensi *roobii* jedhamu bishaan irraa hinfagaatu.

Gaafa: Mataa bineensaa, yookaan beelladaa irratti kan argamu

✓ *Gaafa* sa'a irraa fal'aanni hojjetama.

Gaafa: Yerootti wanti ta'e raawwate ibsuuf kan gargaaru

✓ *Gaafa* roobii qormaata qabna.



Afaan Oromoo keessatti jechoonni yeroo barreeffaman unkaafi sagalee walfakkaataatiin barreeffaman, akkasumas haaluma walfakkaatuun sagaleeffaman nijiru. Qubeeffamaafi sagaleessuu walfakkaatu qabaatanis, hiikni isaanii immoo guutummaatti hariiroo hinqabani. Jechoonni akkasii jechoota moggoo jedhamu. Garaagarummaan isaanii hiika isaanii irratti qofa jechuudha. Sagaleessuu walfakkaatu kan qabaatanis waan sagalee walfakkaatu qabniifi.



## Gilgaala 12

**Haaluma fakkeenyaafi ibsa armaan oliitiin, jechoota moggoo 5 Afaan Oromoo keessaa adda baasuun garaagarummaa hiikaa gidduu jiru agarsiisuuf hima ijaaruun agarsiisi.**

## Barannoo 6: Caasluga

### Akaakuu Himaa (Tajaajilaan)

Himoonni tajaajila isaaniitiin bakka garagaraatti qoodamu. Kanneen keessaa muraasni akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

#### 1. Himamsa



Fakkeenya, a. Horaan konkolaataa haaraa bite.

b. Nagaan bu'uura waan hundaati.

c. Afaaniifi aadaan sabaa hintuffatamu.

Himoonni dhiyaatan sadanuu akaakuu himaa keessaa haala tajaajilaan yoo ilaalaman himamsadha. Himamsis akka lamaan ibsama. Isaanis: eeyyeentaafi hi'eentaa jedhamu. Fakkeenya armaan olii keessatti (a, b) himamasa eeyyeentaati. Hima sadaffaan (c) immoo himamsa hi'eentaati. Kunis, xumura jechi xumuraa dhamjecha {hin-} jedhu dabalachuu isaarraa nihubatama.

#### 2. Gaaffima

- Fakkeenya, a. Eenyutu barfatee dhufe?  
 b. Kitaaba Afaan Oromoo eenyutu hinqabu?  
 c. Nadhiin maal nyaatte?



Hima waa gaafate qulqulleeffachuu barbaadudha. Gaaffima keessatti jechoonni akkaataa odeeffannoo hiyyaafachuuf ta'utti wantoonni jechoota gaaffii fakkaataniifi mallattoon gaaffii jiraachuun barbaachisaadha. Hima jalqabaa (a) keessatti matima (eenyu akka barfatee dhufe) adda baafachuutu barbaadame. Hima lammaffaa (b, c) keessatti immoo antima (nama kitaaba Afaan Oromoo hinqabnefi waan nyaatame) adda baafachuutu barbaadame.

### 3. Raajima

- Fakkeenya, a. Nan gammadekaa! Nan milkaahe!  
 b. Him! Kun maali!  
 c. Maali wanti akkas miidhagaan!

Himoonni sadeenuu waan dinqisiifatan qabu. Himni jalqabaa (a) gammachuu waliin walqabateeti. Himni lammaffaa (b) waan ilaalaa jiran, yookaan dhagahan tokko ajaa'ibsiifachuudha; gaaris badaas ta'uu mala. Himni sadaffan immoo (c) miidhagina ajaa'ibsiifata. Kanaafuu, jechoonnifi raajima waliin deemani nijiru. Mallattoon raajeffannoos raajima waliin waan deemuuf barbaachisaadha. .

### 4. Kadhima:

- Fakkeenya, a. Maaloo, qubeessaa naaf ergiftaa?  
 b. Na bira hindarbiin kaa.  
 c. Abdiin koo sumaama.

Yaanni himoota sadan (a, b, c) tokko godhu hunduu waa kadhachaa jiraachuudha. Kanaaf, waan gaafatan argachuuf immoo himoota garaa laaffifannaaf jecha gadi of deebisanii waan barbaadan gaafachuuf tolanitti fayyadamu.

### 5. Ajima

- Fakkeenya, a. As taa'i.  
 b. Foddaa bani.  
 c. Daree hinseeniin.

Himoonni tokko tokko tokko immoo qaamonni biroon akka waan ta'e raawwatan yookaan hinraawwanne qajeelfama, yookaan ajaja kannu. Himoonni ajaja kennan kuneen ajima jedhamu.



### Gilgaala 13

**Akaakuu himaa tajaajila irratti bu'uuruun kanaa gaditti dhiyaataniif, tokko tokkoo isaaniif himoota 2 barreessi.**

1. Himamsa
2. Gaaffima
3. Raajima
4. Kadhima
5. Ajima



### Gilgaala 14

**Kanneen roga 'A' jala jiran akaakuu himaa kanneen 'B' jala jiran waliin walitti firoomsi; himni tokko si'a tokkoo ol firoomuu nidanda'a.**

A

B

- |   |             |
|---|-------------|
| _____ 1. Boontuun xalayaa barreessitee?     | a. Rajima   |
| _____ 2. Kumeen dhuftu.                     | b. Gaaffima |
| _____ 3. Maaloo, irratti naaf mallatteessi. | c. Himamsa  |
| _____ 4. Xalayaa kana biiroo geessi.        | d. Ajima    |
| _____ 5. Bunni qabeenya dinagdeeti.         | e. Kadhima  |
| _____ 6. Maaliif barfatte?                  |             |
| _____ 7. Maal akkas fokkistii!              |             |
| _____ 8. Bakka kanaa deemi.                 |             |